



Wayita Antooniyoo Guterees wajjin mari'atanitti

Manni marichaa bakka bu'ummaa haqaqabeessa akka diriirsuuf Itoophiyaan waamicha dhiyeessite

Waaqshuum Fiqaadutiin

Finfinnee: Manni Maree Nageenyaa Mootummoota Gamtoomanii bakka bu'ummaa haqaqabeessa akka diriirsu Itoophiyaan waamicha dhiyeessite.


Yaa'ii Waliigalaa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii 78ffaa mataduree "Nageenya,

Badhaadhina, Jijjiiramaafi Ittifufiinsa" jedhuun Ameerikaa, Niiwu Yoorkitti taa'amaa jirurratti kan hirmaatan Ministirri Muummee Ittaanaafi Ministirri Haajaa Alaa Itoophiyaa Obbo Dammaqaa Mokonnin Mootummaa Jarman Oleef Shuulzi waliin taasisanirratti waamicha dhiyeessan.


Yeroo dhiyoo as ejjennoo Itoophiyaan

ajandaawwan murteessoofi fedhii misoomaarratti qabdu waltajjii addunyaarratti dhageettii horachaa jira. Laga Abbayyaa karaa haqa qabeessa ta'een misoomsuufi jijjiirama haala qilleensa addunyaaf qormaata ta'e maqsuurratti Itoophiyaan ejjennoo himmixiqne qabdi. Gama kamiinuu carraaqqiin Itoophiyaa

Gara fuula 19tti



Paarkii Biyyaaleessa Gaarreen Baalee



Aarde Roobdaa Jaarsoo

Paarkichi 'UNESCO'tti galmaa'uun galii guddaa maddisiisuuf gargaara

- Godinni Baalee bara 2015tti turizimiirraa galii qarshii miliyoona 78 ol argate

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Paarkii Biyyaaleessa Gaarreen Baalee hanbaa addunyaa ta'ee Dhaabbata Barnoota, Saayinsiifi Aadaa Mootummoota Gamtoomanii ('UNESCO')tti galmaa'uunsaa daawwattoota hedduu hawwachuun galii olaanaa maddisiisuuf kan gargaaru ta'uu Waajjirri Aadaafi Turizimii Godina Baalee beeksise. Godinichatti bara darbe turizimiirraa qarshiin miliyoona 78 ol argamuus ibse.

Hoggantuun waajjirichaa Aade Roobdaa Jaarsoo ibsa Roobii darbe addatti Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, paarkichi 'UNESCO'tti galmaa'uunsaa ummata godinichaaf gammachuu olaanaa ta'uurra darbee galii olaanaa maddisiisuun guddina biyyaa keessattuu shoora guddaa taphata.

Gama galiin wayita ilaalamu bara darbe qofatti

Gara fuula 19tti



"Garaagarummaan aadaafi amantaa yaaddootti osoo hintaane carraatti jijjiiramaa jira"

- Obbo Qajeelaa Mardaasaa

Waaqshuum Fiqaadutiin

Finfinnee: Garaagarummaan aadaafi amantaa saboota biyyattii akka yaaddootti ilaalamaa ture gara carraa guddaatti jijjiiramaa jiraachuu Ministirri Aadaafi Ispoortii Obbo Qajeelaa Mardaasaa ibsan. Guyyaan bara haaraa saba Oromoo akkuma kan saboota biroo kabajamuu akka qabus hubachiisaniiru.

Obbo Qajeelaan kabaja ayyaanota Mawuliidaa, Masqalaafi Irreechaa ilaalchisee Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, akka sabaatti garaagarummaan

Gara fuula 22tti

ODUU



Suuri: Barbuun

Qabeenya dilbii naannichaa misoomsuufi beeksisuun galii turizimii guddisuuf hojjetamaa jira

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Qabeenya dilbii naannichaa misoomsuufi beeksisuun galii gama turizimiin argamu guddisuuf xiyyeeffannoon hojjetamaa jiraachuu Komishiniin Turizimii Oromiyaa beekisise. Komishinichi Paarkiin Biyyoolessa Gaarreen Baalee Dhaabbata Barnoota Saayinsiifi Aadaa Mootummoota Gamtoomaniitti hambaalee qabatamaa biyyoolessaa ta'ee galmaa'usaaf ergaa бага gammadanii dabarseera.

Komishinarri Ittaanaan Komishinichaa Naggaa Wadaajoo jala bultii ayyaana Irreecha baranaa sababeeffachuun wayita waa'ee Torbee Tuurizimii Oromiyaarratti gaazexessitootaaf ibsanitti, komishinichi waggoota sadan darban keessatti qabeenya dilbii naannichi qabu misoomsuufi beeksisuun madda galii taasisuuf hojiilee guguddoon hojjetamaniiru. Hojii hanga ammaatti hojjetameenis bakkeewwan hawwata turistii ta'an baay'eenaanii beekamaa jiru.

Turizimii dijitaalawaafi waltajjiwwan guguddoo sadarkaa idiladdunyaarratti argamuudhaan hojiin turizimii Oromiyaa beeksisuu bal'inaan hojjetamaa jira. Kanaanis seektara turizimii ammayyeessuun, fayyadamummaa hawaasaa gama dinagdeetiin mirkaneessuu danda'uun carraa hojii turizimiin walqabatu uumuuf hojiilee guguddoon hojjetamaniiru.

Akka ibsa komishinarichaatti, Ministira Muummee Doktor Abiyi Ahmadiin sadarkaa biyyaatti sagantaan maaddii Biyyaafi Shaggar jedhamuun qophaa'e naannolee garagaraatti gaggeeffame misooma hawwata turizimiif faayidaan turizimiirraa argamu akka dabaluu taasisaa jira.

Rifoormii guddina dinagdee waggoota kudhanii sadarkaa biyyaaleessaatti bocame keessaa turizimiin utubaalee guddina diinagdee biyyaa shanan keessaa tokko ta'uu himanii; mootummaan naannichaa turizimiif xiyyeeffannoo kennee hojjetaa jira.

Komishinichis, bu'uura kanarraa ka'uun tarsiimoo mataasaa baafatee hojii turizimii boqonnaa lammaffaa ayyaana Irreechaa sababeeffachuudhaan torbeen turizimii Oromiyaa marsaa 3ffaan Fulbaana 13-15tti akka gaggeeffamu ibsaniiru. Saganticharratti biraandii 'visit Oromiya', dorgommii bareedduu Oromiyaa marsaa

Gara fuula 22tti

Itoophiyaanonni irree tokkoomeen ashaaraa magariisaa dhugoomsaa jiru

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Itoophiyaanonni irree tokkoomeen ashaaraa magariisaa dhugoomsaa jiraachuu Ministirri Muummee Abiyi Ahmad (PhD) ibsan.

Sagantaan ashaaraa magariisaan naannawaa ofii magariisaan uwwisuu qofaa osoo hin taane biqiloota nyaataa, dawaa, omisha dammaafi nyaata loonii ta'an misoomsuun alatti dhiqama biyyee hir'isaa rooba harkisuufis shoorra guddaa akka qabus ibsameera.

Doktor Abiyi sagantaa goolabbii ashaaraa magariisaa marsaa 2ffaa waggaa 1ffaa Godina Shawaa Bahaa, Aanaa Luumeerratti argamuun haasaa taasisaniin; sochii sagantaa ashaaraa magariisaa marsaa lamaan biqiloota biliyoona 50 dhaabuuf karoorfame Itoophiyaanonni irree gamtoomeen biqituuwwan biliyoona 32 dhaabuun seenaa hojjataniiru.

“Aanaan Luumee waggoota afraniifi sadan darban har'aa lafa duwwaa ture. Ummatini Aanaa Luumee fi naannawaa sanii waggoota muraasa keessatti dacheesaanii magariisaan uwwisuu danda'aniiru, ammas kunuunsa ashaaraa magariisaatiin ittifufsiisuun misooma biyyee, bunaa, baala shaayii, kuduraafi muduraa mirkaneessutu Itoophiyaanota hundumarraa eegama”



jedhaniiru.

Qabeenyi inni ijoon biyyattiin qabdu lafa kan jedhan Doktor Abiyi; qabeenya uumamaafi bishaan qulqulluu dhalootatti dabarsuuf Itoophiyaanotni irree tokkoomeen hojii ashaaraa magariisaa ittifufsiisuun seenaa gadhee gara badhaadhinaatti akka jijjiiraniif waamicha dhiyeessaniiru.

Oduu walfakkaatuun, ganna bara 2016tti Naannoo Oromiyaatti sagantaa ashaaraa magariisaatiin biqituuwwan biliyoona 5.5 dhaabuuf karoorfamuusaa Pirezdaantiin naannichaa Obbo Shimallis Abdiisaa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf ibsaniiru.

Akka ibsa Obbo Shimallisitti, gannaa dhufu sagantaa ashaaraa magariisaatiin biqituuwwan biliyoona 5.5 dhaabuuf qophiin eegalameera. Sanyiiwwan biqiltuu qopheessuufi hojiileen buufataalee biqiltuu irra deebiin haaromsuu hojjetamaa jira.

Oromiyaatti ganna darbe biqiltuuwwan biliyoona 4.5 dhaabuun ummatni baadiyyaafi magaalaa si'aayinaan hirmaachuusaa bu'aa gaarii galmeessisuu himanii, biqiltuuwwan ashaaraa magariisaan haga ammaatti dhaabbatan kunuunsuun hundumtuu gaheesaa akka ba'u waamicha dhiyeessaniiru. Biqiltuu hanga ammaatti dhaabbatan keessaa dhibbantaa 87 qabachuus dubbataniiru.



Kabaja ayyaana irreechaa bara darbee

Irreechi bifa duudhaasaa eeggateen qofa kabajamuu qaba

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Irreechi bifa duudhaasaa eeggateen qofa kabajamuu akka qabu Biirtoon Aadaafi Turizimii Oromiyaa beekisise.

Hogganaan Ittaanaa biirichaa Obbo Birhaanuu Buuxee ibsa Kamisa darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, kabajni ayyaana irreechaa safeeffannaafi duudhaa matasaa qaba;

kana eenyuu irraa hir'isuus itti dabaluu hindanda'u.

Amalumsaatiin Irreechi tokkummaa, jaalalaafi walooma leellisa waan ta'eef akka duudhaasaatti qofa yoo kabajame ijaarsaafi guddina biyyaaf shoorra olaanaa taphata jedhanii, namni kabaja ayyaanichaarratti hirmaatu fedhiifi ilaalcha dhuunfaa safeeffannaa ayyaanichaa miidhuu danda'an lagachuun akkaataa naamusni kabaja ayyaanichaa eeyyamuun qofa kabajuun

akka irra jiraatu ibsaniiru.

Akka ibsasaaniitti, Irreechi qabeenya darbee kan ummattootni biyyattii hundi waliin qabaniidha. Irree ummata Oromoo tokko taasiseefi fedhiisaa gara tokkotti kan fideedha.

Irreecha caalaa wanti fedhiifi ilaalcha ummata Oromoo gara tokkotti fidu hinjiru, ummatni Oromoo garaagarummaa

Gara fuula 22tti

ODUU

'BRICS' irraa fayyadamuuf dandeettiin raawwachiisummaafi ga'umsi teknolojii murteessaadha

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Itoophiyaan garee 'BRICS' keessatti fayyadamummaashee dhugoomsuuf dandeettii raawwachiisummaa cimsuufi ce'umsa teknolojiiratti xiyyeeffachuu akka qabdu hayyuun dinagidee Yunivarsitii Finfinnee Pirofeesar Alamaayyoo Gadaa ibsan.

Pirofeesar Alamaayyoon ibsa Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, Itoophiyaan garee 'BRICS' irraa fayyadamuuf hojiiwwan dandeettii raawwachiisummaa cimsan, ce'umsa teknolojiifi dhimmoota bu'aa walooratti dandeettii waliigaltee uumuurratti cimtee hojjechuu qabdi. Osoo isaan kanneen hojiirra hinoolchin bu'aa barbaadamu argachuun rakkisaadha.

Akka isaan jedhanitti, dinagideen Itoophiyaa sababa argama biyyattiin (geopolitics)n walqabatee gama daandii daldalaafi faayinaansiin dhiibbaa addunyaa jala jirti. Ta'us, garee 'BRICS'tti miseensa ta'uusheen dhiibbaa siyaas-dingidee isheerratti aggaamamu qolachuuf hanga tokko carraa argatteetti.

Sababa argama biyyasaanii (geopolitics) irraa ka'uun biyyootni dhihaa pirojektii daandii daldalaa Indiyaarraa eegalee



Pirofeesar Alamaayyoo Gadaa

galaana diimaa qaxxaamuree garba Meditiraaniyaatti ce'u ifoomsuu himanii; haaluma walfakkaatuun gareen 'BRICS's inisheetivii daandiifi riqichaa (road and bridge initiative) jedhamu Beejiingirraa eegalee Ardii Eeshiyaa qaxxaamuree galaana diimaa, Itoophiyaa, Jibuutii hanga Afrikaa kibbaatti fuulla'u tolfachuu akka fakkeenyaatti kaasaniiiru.

Itoophiyaan sababa haala kallattii argamasheen dhiibbaa irra ga'u jalaa miliquuf miseensa garee 'BRICS' ta'uun faayidaa qabeessa akka ishee taasisu ibsaniiru. Miseensa 'BRICS' ta'uun

omishashee miseensota garee 'BRICS'tti gurguruunis ta'ee irraa bituun daldalaan fayyadamtuu taasisuurra darbee faayinaansii ce'umsa dinagdeef barbaachisu akka argattu taasisa jedhaniiru.


Biyyoota dhiyaas ta'e 'BRICS' Afrikaarratti ashaaraasaanii kaa'anii darbuu akka barbaadan himanii; Itoophiyaan dhiibbaa gareewwaniirraa bilisa ta'uun fayyadamtuu ta'uuf dandeetti raawwachiisummaashee gabbifachuu, ce'umsa teknolojii mirkaneessuufi dandeettiin dhimmoota bu'aa walooratti waliigaltee uumuu cimsuu akka qabduu hubachiisaniiru.

Jalqabarratti fedhii garichaafi fedhii Itoophiyaa addabaasuun bu'aa biyyaa walbira qabuun dandeettii waliigaltee cimaa uumamuu qaba. Ittaanse dandeettii raawwachiisummaa cimaan mirkaneessuu, keessumaa dandeettiin raawaachiisummaa hannaarraa bilisa ta'eefi pirojektota yeroon xumuruu dandeessisu horachuun barbaachisaadha jedhaniiru.

Yoo kun ta'uu baate osoo pirojektichi hojjetamee hinxumuramin yeroon ittiliqii deebisan akka ga'u himanii; dandeettiin ce'umsa teknolojiifi sirni bulchiinsa garichaa dhugoomsuun Itoophiyaa garicharraa fayyadamtuu taasisuun nidanda'ama jedhaniiru.

BARNOOTA SAFUU

Kitaaba Barattootaa



KUTAA 6

Kitaaba barnoota SAFUU tibbana eebbifame

Duudhaalee ganamaa Oromoo gabbisuuf shoorri barnoota Safuu olaanaadha

Taammiruu Raggasaatiin

Finfinnee: Duudhaa ganamaa Oromoo gabbisuufi dhaloota barsiisuu keessatti shoorri barnoota Safuu olaanaa waan ta'eef kan jajjabeeffamuudha jedhan Hayyuun Aadaa Obbo Jaatani Diidaa.

Waajjira Aadaafi Turizimii Godina Booranaatti qorataa hanga hogganaatti tajaajilaa kan turan Obbo Jaataniin yaada addatti Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf Kamisa darbe kennaniin akka jedhanitti, Naannoo Oromiyaatti Safuu akka akaakuu barnootaa tokkootti kennamuun duudhaalee Oromoon ittiin bulaa ture gabbisuun ala dhaloota seenaasaa beekuufi jaalala biyyaa qabu horachuu keessatti gumaata guddaa qaba.

Rakkoolee biyya kanaaf sababni guddaan dhalootarratti hojjechuu dhabuudha kan jedhan Obbo Jaataniin; Safuu keessa walkabajuu, waliif yaaduu, ofittummaa osoo hintaane walqixxummaafi jaalalatu jira jedhan.

Dhaloonni biyyi tun barbaaddu dhaloota duudhaafi safuu eeguudha. Safuufi safeeffannaa ganamaa dhalootni akka beeku gochuuf barsiisuudhaan ala karaan biraa hinjiru jedhaniin; Kanaa dura biyyattii keessatti namni yeroo safuu ganamaarraa maqu nama safuurraa maqee argame qeequun ala tarkaanfiin sirreessuu fudhatamaa akka hinturres yaadachiisaniiru.

Amma garuu, xiyyeeffannoo mootummaan dhalootaaf kenna jirurraa kan ka'e safuun akka akaakuu barnoota tokkootti kennamu eegaluun injifannoo guddaa ta'uu ibsaniiru.

Biyyattii keessatti safuurraa maquun mul'achaa jira kan jedhan Obbo Jaataniin; kanaafis walqunnamtiin saala walfakkaataa agarsiistuu ta'uu eeraniiru.

Walajjeesuufi walhammeessuunis biyyattiitti iddoo hundatti mul'achaa kan jiruuf sababa biraaf osoo hintaane waan

Gara fuula 19tti

Balaa lolaa Gaambeellaatti mudateen namootni kuma shanii ol qe'eesaaniirraa buqqa'an



Balaa lolaa bara 2016 Magaalaa Gambaellaatti qaqqabe

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Balaa lolaa tibbana naannoo Gaambeellaatti mudateen namootni kuma shaniifi 101 qe'eesaaniirraa buqqa'uufi qabeenyi qarshii biliyoonatti lakkaa'amu manca'uu Biiron Tajaajila Ittisa Sodaa Balaa Naannichaa beeksise. Bara 2015 balaa lolaan namootni kuma 30 ta'an qe'eesaaniirraa buqqa'uus yaadachiiseera.

Bakka bu'aan biirichaa Obbo Luul Goonyii ibsa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf Roobii darbe kennaniin akka jedhanitti, jalqaba baatii Fulbaanaa lagni Baaroo guutuun balaa lolaa magaalaa Gaambeella mudateen namootni kuma 5fi 101 qe'eesaaniirraa buqqa'aniiru. Balaan kun kan bara darbeen yommuu walbira qabamu salphaa ta'us miidhaan dhaqqabe guddaadha.

Akka ibsa Obbo Luulitti, bara 2015tti balaan lolaa Godina Nyuweeriifi Anyuwaakitti aanaalee 13 keessatti qaqqabeera. Balaa qaqqabeenis manneen jireenyaafi meeshaaleen hawaasni itti fayyadamu hedduun barbaadaa'eera. Beeyiladootni baay'een dhumuun namootni kuma 30 qe'eesaaniirraa buqqa'aniiru.

Balaan lolaa sun baatii Hagayyaa keessa kan qaqqabe ta'uu yaadachiisaniin; barana garuu Fulbaana torbee jalqabaa keessa magaalaa Gaambeella gandoota

afur keessatti qaqqabuu himaniiru.

Balaa qaqqabeenis namootni kuma shaniifi 101 ta'an buqqa'uun gariin manneen barnootaa keessa, gariinsanii ammoo ollaafi firoottansaaniitti baqachuu himaniiru. Haga ammaatti qabeenya mancaase adda baasuun akka hindanda'mne, ragaan qabeenya manca'ee walitti qabamaa jiraachuu ibsaniiru.

Mootummaan rakkoo balaa kana furuuf qaamolee mitimootummaa waliin lammiilee qe'eesaaniirraa buqqa'aniif gargaarsa barbaachisaa qaqqabsiisuf hojjetamaa jiraachuu himanii; gargaarsi gariin mootummaa federaalaarraas ergamaa jiraachuu hubachiisaniiru.

Koree ittisa balaa lolaa gandoota hundumaarratti ijaaruun hawaasni naannawaa balaan lolaa mudachuu malu irraa ka'ee bakka balaan lolaa hin jirre qubachuun of eeggannoo akka taasisuuf odeeffannoo balaa duraa hawaasaaf kenna jira. Ta'us lagni Baaroo humnaa ol guutuun namoota qe'eesaaniirraa buqqisuu danda'eera.

Yeroo ammaa garuu hanga tokko lagni Baaroo hir'achaa jiraachuun namootnis bakkaa bakkatti socho'uu eegaluu himanii; hawaasni rakkoo balaa lolaa kana ittisuuf odeeffannoo balaa duraa kennamu hordofuun of eeggannoo barbaachisu akka taasisuuf waamicha dhiyeessaniiru.


Mijuu

BARIISAA SANBATAA Fulbaana 12 Bara 2016

**“Ayaannoni torbaanota
ittaananitti kabajaman
biyyattiidhaaf madda abdii
gaarii malee sodaa ta’uu
hinqaban”**

- Sheek Jamaal Muusaa,
Pirezidaantii Mana Marii
Dhimmoota Islaamummaa Oromiyaa

fuula 6



**“Masqalliifi Irreechi ayyaanota
duudhaa walfakkaatoo araara,
gamtoomina, tokkummaafi
galateeffannaa of keessaa qabaniidha”**

- Antirpolojisti Olaanaa Tashoomaa

fuula 8



**“Irreechi ulfoodha, haadholiin
gufachuu, abbootiin
mufachuu hinqaban”**

- Haadha Siinqee Siikkoo Mandoo
Shamsiyaa Guutamaa

fuula 15

KEESSUMMAA BARIISAA

“Ayaannonni torbaanota ittaananitti kabajaman biyyattiidhaaf madda abdii gaarii malee sodaa ta’uu hinqaban”

- Sheek Jamaal Muusaa,
Pirezidaantii Mana Marii Dhimmoota Islaamummaa Oromiyaa

Bayyanaa Ibraahimiin

Ijoollummaadhaan barnoota amantii Islaamaa barachuudhaan yeroo ammaa abbaa amantii guddaa kan ta’an, Imaama Masjiidota gara garaafi qaadummaadhaan (abbaa seeraa Mana Murtii Shari’aa ta’uudhaan) iddoowwan adda addaatti tajaajila hawaasaa kenna turan.

Harargee Bahaatti immoo barreessaafi miseensa mana marii dhimmoota Islaamummaa godinaa ta’anii erga tajaajilaa turanii booda bara 2014tti Pirezidaantii Mana Marii Dhimmoota Islaamummaa Oromiyaa ta’uudhaan kan muudaman Sheek Jamaal Muusaa Ayyaana Mawuliidaa Roobii dhufu kabajamu sababeeffachuun keessummaa Bariisaa maxxansa kanaa taasifanneerra. Gaafdeebii dhimmota gara garaarratti isaan waliin taasifnes akka armaan gadiitti dhiheessineerra.



Suurri: Gabaaboo Gabreetiin

Bariisaa: Keessummaa keenya ta’uuf heeyyamamoo ta’uu keessaniif galatoomaa sheeka!

Sheek Jamaal: Isinis nu kabajjaniin nu dubbisuu keessaniif galatoomaa!

Bariisaa: Hayyee mee dura walhaabarruutii, iddoo ittihalattaniifi haala guddina keessanii osoo nuu ibsitaniin?

Sheek Jamaal : Bareeda, ani Jamaal Muusaan jedhama. Bara 1963 Oromiyaa bahaa, Godina Harargee Lixaa, Aanaa Doobbaattin dhaladhe . Akkuma ijoollee baadiyyaa kamuu loon tiksaafi hojii qonnaa maatii gargaaraan guddadhe.

Bara sanatti barnoota idilee ammayyaa hordofuuf baadiyyaatti carraan tasuma hinargamu ture. Kanumarraa ka’uun abbaan koo yeroo sanatti hojjetaa mootummaa Hayilasillaasee waan tureef Qeesii barnoota Afaan Amaaraa nu bariisu sumuniidhaan nuu mindeessee barnoota ammayyaa qubee Amaariffaatiin eegalle jechuudha.

Bariisaa: Qeesichi isin barsiise kun eessaa dhufe? Isin qofaaf moo ijoolleen ganda keessanii biroos barataa turaniin?

Sheek Jamaal: Gaaffii bareeda na gaafatte. Qeesichi magaaladhaa dhufee nu barsiisa. Akkuma duratti sii kaasuuf yaale abbaan koo caasaa mootii Hayilasillaasee naannawichatti argamu waliin hojjata waan tureef Qeesii magaalaa bataskaanaa barbaadaniin fiduuf hedduu hinrakkatan turan. Qeesichis tola osoo hintaane, maallaqa argachaa nu barsiisaa waan tureef isaafillee dalagaadha. Barnoota sanaaf maallaqni kanfalamuuf sumunii yookiin santima 25 ta’uu qofa osoo hintaane, yeroo sanatti sumuniin waa heddu bituu akka dandeessu hubachuu qabda.

Qeesichichi kaka’umsaafi baasii abbaa kootiitiin mindeffamus kan barsiisu ana qofa osoo hintaane ijoollee safara sanaa



Bara sanatti barnoota idilee ammayyaa hordofuuf baadiyyaatti carraan tasuma hinargamu ture. Kanumarraa ka’uun abbaan koo yeroo sanatti hojjetaa mootummaa Hayilasillaasee waan tureef Qeesii barnoota Afaan Amaaraa nu bariisu sumuniidhaan nuu mindeessee barnoota ammayyaa qubee Amaariffaatiin eegalle jechuudha

hunda ture. Yeroo sanatti namni ofisaa yookiin ijoolleesaa qofaaf osoo hintaane, ijoollee ollaasaafi warrasaatiifis yaadaa ture.

Erga haala kanaan qubee baranee booda, jijjiiramni sirnaa dhufe. Sirni mootii Hayilasillaasee kufee Dargiin dhufe jechuudha. Dargiin immoo barnoota bu’uraa babal’isuu keessatti sochii guddaa gaggeessaa waan tureef carraan barnootaa hanga tokko babal’achuu danda’eera.

Anis yeroo umriin koo 13 ta’utti barnoota eegaluudhaan, kutaa tokkoffaa galee osoon waggaa hinguutin gara kutaa lammaffaatti darbe. Sababnisaa sana dura qubee Amaariffaa qeesicharraa akka gaariitti barachaa waan tureefi.

Booda yeroon kutaa 4ffaa ga’u weerarri Mootummaa Sumaaliyaa Sa’id Baarreen durfamu waan banameef maatiinkoo gara Carcaritti waan godaananiif anis barnoota addaan kutuuf dirqame.

Sababuma kanaan anis barnoota idileerra gara barnoota amantiitti xiyyeeffachaa dhufe. Weerara Sumaaliyaatiin walqabatee nageenyis waan boora’eef bara 1978 gara Sumaaliyaatti godaane.

Bariisaa: Maaliif gara Sumaaliyaatti godaanuu filattan?

Sheek Jamaal: Haalli yeroo sanaa daran ulfaataa ture. Keessumaa erga Sumaaliyaan Itoophiyaa weerartee booda mootummaan Dargiis dargaggoota humnaan qabee gara waraanaatti ergaa waan tureef, nu caalaa maatiin keenya hedduu cinqamu ture.

Haala sana jalaa miliquuf biyyi dhihoofi adeemuu dandeenyu Sumaaliyaa qofa ture. Kanaaf Quraana qara’uufis carraa dabalataa argachuu akka dandeenyu tilmaamnee gara Sumaaliyaatti imaluuf dirqamne jechuudha.

Bariisaa: Hangam turtanii deebitaniree? Barnoota akkamiis argattan?

Sheek Jamaal: Sumaaliyaarraa gara biyyatti hindeebine. Haalli achi tures daran ulfaataa ture. Kanaaf achi yeroo gabaabaaf turee achumaan gara Jibuutiin imale.

Jibuutiin ergan hanga tokko barnoota amantiis baradhee waggaa sadii booda gara Sawud Arabiyaatti imale. Abbaan koo sirni Dargii akka lubbuu kiyya hinbaafneef jecha biyyaa akkan baqadhu nataasise otoon Jibuutii jiruu boqate. Anis gadda cimaa keessa galee hamileen gara biyyaa ittiin galu dhabee Jibuutiirraa gara Sawudiitti qajele.

Yeroon Sawudii dhaqetti naman beeku tokkollee hinarganne. Carraan barnoota itti argadhus waan hinturreef hojjiidhuma argame hojjachuuf murteesse. Utumaan hojii humnaa dabalatee waan argadhe hojjechaa jiruu sirni Dargii kufe.

Sirni jibbinee biyyaa baaneef waan kufee bara 1984 biyyatti galuu qofa osoo hintaane, waanin Sawudiitti dalagadhee dhufeen dukkaana yookiin suuqii banadhee hojii daldalaa eegale. Waggaa tokko booda bara 1885 haadha manaa fuudhee bultii ijaarradhee hojii barnoota amanti barsiisuu cinaatti ittuma fufe. Yeroo bultii ijaarannee dalagaas ho’ifannetti haalli hamaan hin yaadamne tokko uumamee ammas rakkoo hamaaf saaxilamne.

Bariisaa: Erga Dargiin kufee isinis biyyatti deebitanii bultii ijaarratanii dalagaas eegaltanii booda maaltu isin muudateere?

Sheek Jamaal: Gaaffii bareeda na gaafatte. Dargiin kufnaan nuti kana booda rakkoon tokkollee nu hinmuudatu jennee abdii guddaadhaan waan biyya ormaatti dalagannee arganne qabannee gara biyyatti galle. Hojii daldalaas eegallee bultii godhanne. Garuu jarri waliin ta’ee sirna Dargii kuffise xiqqoo tutturraan walitti duuluu eegalee jireenya

“Ayaannonni torbaanota ittaananitti ...

ummata naannawaa booreessuu jalqabe.

Waldhabdeen ABUTfi ABO jidduutti uumame jabaachaa dhufuurraan kan ka'e tasgabbiin biyyittii keessaa ni bade. Yeroo sanatti namootni aariidhaan garee ABO bosonatti hafe deeggaruuf bosonatti galanii waan turaniif, humni ABOs Harargeetti tumsa olaanaafi miseensota hedduus qabaachaa waan tureef mootummaan yeroo sana Itoophiyaa bulchaa ture ummata naannawaarratti rakkoowwan adda addaa dhaqqabsiisaa ture.

Sababuma kanaan murni ABUT namoota daldala keessa galle hunda ABO deeggartu jedhee qabeenya keenya saamu eegallaan nutis abdii kutachuu jalqabne. Haala kanaan qabeenyi keenya jireenya baqaatiin biyya ormaatti horannee galle biyyuma keenyatti nu harkaa saamanii dalagaa nu dhorkinaan ammas maatii kootiinis sababuma rakkoo kanaatiin walhiiknee gara biraatti godaanuuf dirqame.

Sana booda guutummaatti gara barnoota Quraanaatti galee madrasaawwan gara garaatti ijoollee barsiisuufi masjiidota adda addaatti imaamummaadhaan tajaajiluutti seene.

Bariisaa: Bara 2014tti iddoo amma jirtan kanatti muudamuun dura eessatti, maalirratti tajaajiltanii dabartan?

Sheek Jamaal: As dhufuun dura godinaalee Harargee lamaanitti akaakuu hojii amantii adda addaatiin ummata Muslimaa tajaajilaa tureera. Akka fakkeenyaatti sii kaasuuf, magaalota akka Ciiraa, Mi'eessoo, Harariifi Hirnaafaatti imaamsa Masjiidaa, qaadummaa (abbaa seeraa mana murtii Shari'aa), miscensaafi hoggansa koree dhimmoota Islaamummaa Godina Harargee Bahaa ta'ee tajaajileera. Bara 2014 ammoo Pirezidaantii Mana Maree Dhimmoota Islaamummaa Oromiyaa ta'ee muudame.

Bariisaa: Ayyaanota hedduu fuula keenya dura jira. Isaan keessaa Hijiraa 1445ffaan (Moolidni) isa tokko. Ayyaanichi haala kamiin kabajamuu qaba jettu?

Sheek Jamaal: Ayyaanichi bifa nagaafi tasgabbi qabuun, waldanda'utiin kabajamee nageenya biyyattiifis kanirratti kadhatamuufi tokkummaaf harka Waaqa jala qabatan akka ta'u hawwiin qaba.

Bariisaa: Ayyaanni Irreechaas ittuma aanee kabajama waan ta'eef asirrattis waa jedhaa kaa!

Sheek Jamaal: Irreechaa ayyaanota Oromoon qabu keessaa isa guddaadha. Ayyaanni guddaafi saba guddaa kun bifa duudhaasaa ganamaa eeggateefi nagaadhaan kabajamuu qaba.

Ayyaanichi akka hinkabajameef sirnoota darbaniin dhorkamee ture. Jaarraa tokko booda garuu Oromoon har'a bifa barbaadeen ayyaanotasaa kanneen akka Irreechaafaa kabajuuf carraa argachuunsaa hedduu kan nama boonsuudha.

Kanaafuu aadaan Oromoo inni guddaan magaalaa guddittii keessatti kabajamu kun, haala kabaja ummata Oromoo madaaluun ta'uu qaba. Dhaamsi achirratti darbus kan ayyaanichaan walqabatu qofa ta'uutu irraa eegama.



“**Ilaalchaafi amantaa nama biraa hinarrabsin, yoo ati kan nama biraa arrabsitu kankeettu sijalaa arrabfama waan ta'eef, waan namni biraa ayyaanefatu hinxiqqeessin, isa ati ayyaanefattu sijalaa xiqqeessu waan ta'eef” jedha**

Namootni ayyaanicha hinkabajnes usaniituma guyyicha mana ofiitti hafuudha malee ayyaanicha kabajuun hinbarbaachisu jedhanii waan aadaa Oromoo xiqqeessu hafarsuun barbaachisaa miti.

Quraanni, “Ilaalchaafi amantaa nama biraa hinarrabsin, yoo ati kan nama biraa arrabsitu kankeettu sijalaa arrabfama waan ta'eef, waan namni biraa ayyaanefatu hinxiqqeessin, isa ati ayyaanefattu sijalaa xiqqeessu waan ta'eef” jedha. Asirraa wanti hubatamuu qabu yoo jiraate waan namni tokko yookiin qaamni tokko itti fakkaatee dalagu busheessuun, xiqqeessuufi arrabsuun Waaqa birattis akka fudhatama hinqabneedha.

Kanaaf, abbaan fedhe mirga waan itti amane raawwachuuf qabutti fayyadamee raawwachuu akka danda'uuf seerris kan heyyamu waan ta'eef, ayyaanotni fuula dura keenya jiran kan waliin jireenyiifi tokkummaan ummatoota biyyattii itti mirkanaa'u akka ta'aniif hunduu akka ga'eesaatti waan irraa eegamu bahachuu qaba jedheen yaada.

Bariisaa: akka Abbaa amantii tokkootti rakkooleen nageenyaa yeroo ammaa iddoowwan adda addaatti mul'atan akka furamaniif maaltu ta'uu qaba jettu?

Sheek Jamaal: Gaaffii murteessaafi barbaachisaa ta'e nagaafatte. Asirratti wanti beekamuu qabu tokko, erga rakkooleen kunniin uumamuu eegalanii kaasee abbootiin amantii hundi rakkoon kun akka furamuuf halkanii guyyaa mariiwwan gara garaafi qaamota biraa waliinis dubbachaa turreera.

Abbootii amantii guguddoo kanneen akka Luba Balaay Mokoonfaa dabalatee hoggansa naannoo Oromiyaa waliin walga'ii yeroo 15 oli dhimmuma naga mirkaneessuu

kanarratti adeemsifneerra. Jara biraayyis deebii gaarii argachaa jirra.

Yeroo ammaa immoo dhimmuma nageenya Oromiyaa kana mirkaneessuufi ummata naannichaa sodaa nageenyaa jalaa baasuurratti xiyyeeffannaa qaama dhimmi ilaallatu wajjin mari'achuuf karroofannee hojjechaa jirra.

Kanaaf karaa danda'amu hundaan rakkoon nageenya Oromiyaa furamee bara haaraa kanatti akka sagaleen qawwee naannichatti hindhagahamne gochuuf yeroo kamuu qaamota hunda waliin mari'achuuf abbootiin amantii naannichaa marti qophii ta'uu sii mirkaneessuun danda'a.

Garaagarteen siyaasaa saba guddaa kana gidduu jiru kamuu karaa mariifi nagaatiin furamee ummanni nagaasaatti deebi'uu qaba.

Waraana waggoota lamaaf Itoophiyaa kaabaatti adeemsifame xumura kan argate waraanaan walinjifachuun osoo hintaane, karaa marii nageenyaafi araaraa buusuutiini. Kanaafuu, qaamotni duula walirratti banan hangamuu turan xumurratti dhimmichaa kan xumuran karaa araaraatiini.

Osoo rakkoon kanarra hinhammaanneefi badiin qabeenyaafi lubbuun namaa hinbadne garaa gartee siyaasaa bifa tasgabbi qabuufi marii karaa araaraa qofaan furuuf hunduu qophii ta'uu qaba.

Bariisaa: Ani gaaffii kiyya xumureeraa isin waan dabaltan ykn dhaamsa yoo qabaattan?

Sheek Jamaal: Dhaamsi kiyya inni guddaan dhimmuma nageenya Oromiyaa Itoophiyaa mirkaneessuuti. Waan hunda caalaa waanti nageenyi haa dursu jennuuf nageenyi dursaa waan hundaa waan ta'eefi. Bakka nageenyi amansiisaan hinjirretti amantii ofii gaggeeffachuun, qotataniifi daldalanii jiraachuun waan yaadamuu miti. Kanaafuu, ani akka abbaa amantii tokkootti dhaamsiifi ergaan koo inni guddaan dhimma nageenya waaraa buusuuti.

Akka abbaa amantii tokkotti nageenya ummata amanticha hordooftuutiifis ta'e biyya keessa jiraatuutiif dirqamatu narra jira waan ta'eefi.

Hunda caalaa wanti na gaddisiisu ilmaan Oromoo aadaa rakkoo ittiin furaniin guddatanii har'a gamaa gamasii rakkoo nageenyaa uumanii ummata nagaan bahuufi galuu dhorkaa jiran kana.

Sababa qaamolee muraasa dhimma garaagartee siyaasaasaaniitiif duula walirratti bananiin waan ummanni rakkachuu hinqabneef kanarratti xiyyeeffannaan hojjetamuu qaban jedha.

Bara haaraa kanatti garaagarteen siyaasaa dhaabbilee gara garaa jidduu jiru hundi karaa nagaafi mariitiin xumramee sagaleen rasaasaa tokkollee Oromiyaa keessatti akka hin dhagahameef hunduu waadaa waliif galee hojii qabatamaanis mirkaneessuutu irraa eegama.

Bariisaa: Yeroo nuuf kennitaniif guddaa galatoomaa Sheeka keenna!

Sheek Jamaal: Isinis dhimma ummataarratti yaada keenya ummataaf dabarsuuf dhufuu keessaniif ulfaadhaa!

Qarreefi Qeerroo

“Masqalliifi Irreechi ayyaanota duudhaa walfakkaato araara, gamtoomina, tokkummaafi galateeffannaa of keessaa qabaniidha”

- Antirpolojisti Olaanaa Tashoomaa

Natsaannat Taaddasaatiin

Dargaggoo Olaanaa Tashoomaa barnootasaa digrii tokkoffaa Antiropolojiidhaan Yunivarsitii Hawaasaarraa, digrii lammaffaa ammoo Beekumsa Biyya Keessaa ‘Indigenous Knowledge’n Yunivarsitii Diillaarraa fudhate.

Antirpolojiin damee barnootaa waa’ee aadaa, beekumsa xabboo, jiruufi jireenya dhala namaa qoratu yoo ta’u, dameen barnoota Beekumsa Biyya Keessaa ammoo waa’ee beekumsa xabboo ykn ganamaafi qaroomina biyya keessaa qorata.

Dargaggoo kun akkuma digriisaa tokkoffaa xumureen bara 2003 Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaatti mindeeffamee waggoota torbaaf Waajjira Aadaafi Turizimii Godina Booranaa keessa; yeroo ammaa ammoo Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaatti, Dursaa Garee Misooma Sona Aadaa ta’ee hojjechaa jira. Gaafdeebiin Gaazexaan Bariisaa ayyaanota Masqalaafi Irreechaa torban dhufan walduraa duubaan kabajamu sababeeffachuun Wiixata darbe dargaggoo hayyuu kana waliin taasisse akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Bariisaa: Hojiilee Guguddoo Gareen Misooma Sona Aadaa hojjechaa tureefi jiru maalfaadha?

Antirpolojisti Olaanaa: Yeroo ammaa biyyoota baay’ee keessatti aadaan madda dinagdee ta’ee tajaajilaa jira. Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaatti, Gareen Misooma Sona Aadaas gahee aadaan siyaasa, dinagdeefi hawaasummaa keessatti qabu mirkaneessurratti xiyyeeffatee hojjechaa jira.

Ammayyumaafi teknolojiin aadaa keenya waliin walsimee akka deemu taasisuunis hojii garichi irratti xiyyeeffatee hojjechaa jiruudha. Ammayyumaafi teknolojiin aadaa keenya akka deggaru malee akka hinliqimsine taasisuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jira. Beekumsa xabboo, aadaa, duudhaafi eenyummaan Oromoo ganamaa ammayyumaafi teknoloojii wajjin walsimsiisuudhaan dhalootatti ceesisuufi gara tarsiimoo misoomaatti jijjiiruunis hojii garichi xiyyeeffannaa addaatiin irratti hojjechaa jiruudha.

Gareen kun Abbootii Gadaa waliin ta’uun duraan Gumii Abbootii Gadaa kan ture bara 2011 Gamtaa Abbootii Gadaa ta’ee akka hundaa’u taasisseera. Gumiin Abbootii Gadaa duraan ni ijaarame malee qajeelfamaafi dambii ittiin bulmaataa barreeffamaan hinqabu ture.

Kanaafuu garichi Abbootii Gadaa waliin ta’uun Gamtaan Abbootii Gadaa dambii ittiin bulmaataa akka qabaatu taasisseera. Akka dambii ittiin bulmaataa kanaatti Abbaan Gadaa Gamtaa Abbootii Gadaa geggeessu waggaa afur afuriin jijjiirama. Gamtaa Abbootii Gadaa keessatti Abbootii Gadaa sagaltu fiixeedha.

Gareen Misooma Sona Aadaa kun Irreechi Hora Finfinnee waggaa 150 booda bara

2012 deebi’e sababeeffachuun ‘Fiigichi Olaanaa Irreechaa’ akka jalqabu taasisseera. Baruma sana Baazaariifi Egziibiishiniin Irreechaa Finfinnee, Giddugala Baazaariifi Egziibiishinii Dirree Masqalaatti akka qophaa’u taasisseera.

Fooramiin Irreechaa namoota kuma sadii ta’an hirmaachiseefi kan midiyaaleen guguddoon biyya keessaafi alaa irratti hirmaatanis qopheesseera. Kana malees Konsartiin Irreechaa guddaan Finfinneetti bakkawwan sadiitti (Istaadiyeemii, Dirree Masqalaafi Galma Barkumeetti) akka qophaa’u ta’eera. Sagantaan nyaata aadaa godinaalee Oromiyaa jala bultii ayyaana Irreecha Hora Finfinnee kan bara 2012 irratti akka dhiyaatu ta’eera. Garichi hojiilee kunneen qaamolee dhimmichi ilaallatu waliin ta’uun abbummaan hojjechaa ture.

Sirni Gadaa yeroo dhaabbata ‘UNESCO’tti galmaa’u Itoophiyaan biyyoota miscensa dhaabbatichaa ta’an waliin waliigalte mallateessite qabdi. Innis hamba kiliyaa kana eeguufi kunuunsuudha. Hambaan kiliyaa dhaloota barsiisuu, biyya ijaaruu, dimokraasiifi namummaa ijaaruu keessatti gumaacha barbaachisu akka bahatuuf kariikulamii barnootaa keessa galee irraa baratamuu qaba.

Sirni Gadaa kun sirna barnootaa keessa akka galuuf Gareen Misooma Sona Aadaa Biiroo Barnoota Oromiyaa waliin ta’uun kitaaba Sirna Gadaa, qajeelchi barsiisaafi silabasiin qophaa’ee naannoo Oromiyaatti kutaa Iffaa hanga 8ffaatti akka tajaajilu taasisseera.

Mana Murtii Waliigala Oromiyaa waliin ta’uun garichi Manni Murtii Aadaa akka hundaa’u taasisuun labsii Caffee ta’ee akka ba’u taasisseera. Manni Murtii Aadaa hundaa’ee hojiirra jirus sirna haqaa fooyyessuu keessatti gumaacha guddaa taasisaa jira.

Buusaa Gonofaan akka hundaa’uufi sirni walgargaarsaa akka fooyya’u taasisseera. Akkuma seera mootummaa tiksuuf heerri a barbaachisu, Sirna Gadaatiif ammoo seerota Aadaa Oromoo wiirtuulee Gadaa Oromoo hundarraa walitti qabamee bifa kitaabaatiin qophaa’ee yeroo ammaa sadarkaa gulaalliirra jira.

Aadaa, duudhaa, safuufi eenyummaa Oromoo ganamaa deebisuuf Gareen Misooma Sona Aadaa Karoora Warraaqsa Aadaa baasee yeroo dhiyootti labuuf qophiirra jira. Sabboonummaa Oromoo ijaaruun, Afaan Oromoo afaan teknoloojii, saayinsiifi siyaasaa gochuun, seenaafi seenessa Oromoo jijjiiruun, hambaalee Oromoo bakkeewwan gara garaatti faffaca’anii jiran walitti qabuufi beeksisuun, dhaloota dammaqaa seenaafi eenymmaasaa beeku horachuun, manneen kitaabaa bifa haaraan gurmeessuun, dhaloota kalaqaa horachuun, Artii Oromoo guddisuun, industirii ogummaa harkaa fooyyessuun, Aadaa Oromoo tarsiimoo misooma naannoo keessa galchuun, qorichoonni aadaa kan ammayyaa waliin akka waldeggeraa deeman gochuun hojiilee gurguddoo karooricha



keessatti eeramaniidha.

Bariisaa: Guddinni aadaa Oromoo mootummaa jijjiiramaan duraafi booda jiru akkamitti ibsama?

Antirpolojisti Olaanaa: Sirnoonni darban aadaa, afaaniifi eenyummaa Oromoo ajjeessaa waan turaniif baroota 1960moota irraa eegalee bu’uurri qabsoo Oromoo inni jalqabaa aadaafi duudhaasaa dhiibamaafi cunqurfamaa ture deebi’uufi guddisuurratti xiyyeeffata.

Qabsoo waggoota dheeraa booda bara 1983 mootummaan naannoo Oromiyaa hundaa’ee. Kanarraa ka’uun ummanni Oromoo, Afaan Oromoofi naannoo Oromiyaa beekantii argatan. Biiroon Aadaafi Turizimii Oromiyaas bara 1983 hundeeffama mootummaa naannichaa waliin hundaa’ee.

Biirichi maqaa gara garaa maqaa (Biiroo Aadaafi Beeksisaa, Biiroo Aadaafi Ispoortii, Komishinii Aadaafi Ispoortii, Biiroo Dhimma Hawaasummaa) jedhamee waamamaa turus waa’ee Aadaa, duudhaa, Afaan, seenaafi eenyummaa Oromoorratti hojiilee guguddoo raawwachaa tureera; raawwachaas jira.

Sochii biirichitaasisaatureen kitaabonni adda addaa Afaan Oromootiin akka barreeffaman ta’eera. Qorannoo Afaan Oromoorratti taasisamaa tureen jildiiwwan adda addaa akka qophaa’an ta’eera. Sirna Gadaafi Seenaa Oromoorratti barreeffamoonni adda addaa qo’annoofi qorannoorratti hundaa’uun barreeffamaniiru.

Obbo Alamaayyoo Hayilee, Obbo Sintaayyoo Tolaa, Doktor Daani’eel Dheeressaa, Doktor Sambattoo Bushaafi Obbo Tashoomaa Adaraafaa namoota seenaa Oromoo qo’achuufi qorachuun Kitaaba Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaatti jedhu kan akka wabiitti dhaloonni Oromoo ittifayyadamu qopheessaniiru. Isa booda Kitaabni Seenaa Oromoo hanga Jaarraa 20ffaas itti fufuun qophaa’ee. Kana malees kitaabonni seenaa Qabsoo Baalee,

Seenaa Oromoo Maccaa, seenaa Oromoo Tuulamaa ittifufuun barreeffamaniiru.

Bara 1998 booda ammoo Aadaa Oromoo barreessuu qofa utuu hintaane misoomatti jijjiiruu qabna yaada jedhutu dhufe. Kanarraa ka’uun bakkeewwan aadaafi seenaa Oromoon walqabatanirratti Giddugalli Aadaa, Seenaa fi siidaawwan yaadannoo akka ijaaraman ta’eera.

Giddugalli Aadaa Oromoo, Siidaan Calii Calanqoo, Siidaa Yaadannoo Wareegamtootaa, Siidaan Aannolee, Giddugalli Aadaa Salaalee, Galmi Odaa Bultum ijaaramaniiru. Isa booda Galmi Odaa Nabee, Me’ee Bokkoo, Gumii Gaayyoo, Odaa Bisil, Giddugala Aadaa Shanan Gibee, Saglan Iluu, Giddugala Aadaa Ja’an Sayyoo maallaqa ummatarraa walitti qabamaniin kan ijaaraman ta’u.

Bara 2010 jijjiiramaan booda ammoo duudhaa Oromoo ganamaatti haa deebinu yaada jedhutu dhufe. Jijjiirama kanaan ajandaan waa’ee Oromoorratti ka’u hundi aadaafi duudhaa Oromoorratti akka xiyyeeffatu ta’e. Kanarraa ka’uun yeroo ammaa Giddugallii Qophii Nyaataafi Leenjii Nyaata Aadaa Oromoo, Giddugala Gurgurtaafi Nyaata Aadaa Oromoofi kanneen biroon Finfinnee keessatti ijaaramaa jiru.

Irreechi Hora Finfinnees waggoota 150 booda jijjiirama kana waliin bara 2012 deebi’ee. Dhimmoonni Kenna Tajaajila Lammummaafi Buusaa Gonofaas aadaa Oromoorratti hundaa’uudhaan labsii Caffee ta’anii akka bahan ta’eera. Naannoo Oromiyaatti barnoonni Sirna Gadaa kutaa Iffaa hanga 8ffaatti akka kennamu ta’eera.

Manni Murtii Aadaas akka hundaa’u ta’eera. Jijjiirama kana booda ajandaaleen waa’ee Oromiyaa murteessuuf ba’an hundi dhimmoota aadaafi duudhaa Oromoo giddugaleessa akka godhatan ta’eera.

Ijoo Dubbii

Ayyaanonni addababa'ii madda duudhaa obbolummaa qofa ta'anii ittifufuu qabu

Ayyaanonni amantiifi ummataa adadaaba'iiratti waloodhaan kabajaman duudhaa obbolummaa, tokkummaafi wajjuma keenyaa cimsuu keessatti gahee olaanaa qabu. Ayyaanonni kunneen mallattoo tokkummaafi obbolummaa keenyaa ta'anii akka ittifufaniif safuufi duudhaawwansanii ganamaa eeguun daran barbaachisaadha.

Ayyaanota addababa'iitti kabajaman keessaa kanneen 'UNESCO'tti galmaa'aniifi galmaa'uuf adeemsarra jiran hedduudha. Kanneen galmaa'anis ta'e hingalmoofne aadaafi duudhaa keenya ummata addunyaatti beeksisuu keessatti gahee waan qabaniif nageenya, duudhaafi safuusaanii eeggatanii akka kabajamaniif sirriitti eeguun barbaachisaadha.

Saboonniifi sablammoonni biyya keenyaa ayyaanota addababa'iitti kabajaman tokkummaafi jaalalaan waliin kabajuudhaan beekamu. Masqalliifi Irreechaa ammoo ayyaanota torban dhufan walduraa duubaan addababa'iitti kabajamaniidha. Ayyaanonni kunniin sirnaafi duudhaa ittiin geggeeffaman qabu. Kanaafuu aadaafi duudhaasaanii eegnee tokkummaafi jaalalaan waliin kabajuun obbolummaafi tokkummaa keenya caalaatti cimsuun gahee hunda keenyarraa eegamuudha.

Abbootiin Gadaafi amantiis gama duudhaa ayyaanota kunneenii barsiisuufi eegisuutiin gaheesaanii bahachuu qabu. Rakkoo nageenyaa iddoowwan adda addaatti mul'achaa jiranirraa ka'uunis hirmaatonni ayyaanota kanneenii qaamolee nageenyaa waliin qindoomanii hojjechuu qabu.

Ayyaanonni Masqalaafi Irreechaa ayyaanota addababa'ii namoonni kumaatamaafi miliyoonaan lakkaa'aman waltajjii tokkoratti ji'a jalqabaa bara haaraatti wajjumaan kabajaman waan ta'aniif ayyaanota waggaa abdiifi gammachuu guddaadhaan eegamaniidha. Kanaafuu miira tokkummaa, jaalalaa, gammachuufi nagaatiin kabajuun abdiin keenya milkeeffachuu qabna.

Ayyaanonni addababa'iitti kabajaman turistoota biyya alaa hawwachuun madda galii ta'uurra darbaniif uffannaa aadaa keenya ummata addunyaatti beeksisuu keessattillee gahee olaanaa qabu. Baay'inni turistoota ayyaanota addababa'iitti kabajaman irratti hirmaatanii caalaatti akka dabaluu gochuufis keessumaa nageenya mirkaneessuun dhimma murteessaa xiyyeeffannaan irratti hojjetamuu qabuudha.

Duudhaa sabdaneessummaa, obbolummaa, tokkummaa, jaalalaafi wajjuma keenyaa caalaatti cimsuun milkaa'ina akeeka ayyaanota addababa'iitti kabajamaniis ta'e nageenya biyyaa mirkaneessuu keessatti gahee tokko tokkoon lammii gumaachaa olaanaa qaba.

Aadaafi duudhaa keenya caalaatti cimsuun rakkoolee keenya hedduu gama siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaatiin jiraniif furmaata waaraa ta'u. Kanaafuu bu'uurra waan hundaa kan ta'e nageenya naannawaafi biyya keenyaa mirkaneessuun gahee hunda keenyaa ta'uu qaba.

Itoophiyaan biyya sabdaneettiidha. Sabdaneessummaa keessaa garaagarummaan amantii, afaanii, aadaa, seenaa, ilaalchaa jiraachuu danda'u. Garaagarummaan kun madda walittibu'iinsaa utuu hintaane miidhagina keenya ta'uu qabu. Biyya waliin qabnu waliin ijaaruu dhimma biyyaarratti yaada walfakkaatuun tokkummaan irratti hirmaachuu qabna.

Ergaan waltajjii marii dhimmuma kabaja ayyaanota kanneenirratti xiyyeeffachuun abbootii amantiifi qaamolee nageenyaa jidduutti adeemsifamerratti darbes kanuma kan cimsuudha.

Ayyaanonni kunniin akka rakkoo nageenyaa tokko malee xumuramaniif humni nageenyaa naamusa guutuudhaan ittigaafatamummaasaa akka bahatuuf karoofamee, hoggansaafi miseensota poolisii sadarkaan jiraniif ibsi kennamee ergamaaf qophii ta'uun ibsameera.

Ayyaanotaan daheeffachuun ajandaalee siyaasaa tarkaanfachiisuufi calaqqisiisuun sirrii akka hintaane hunduu hubatee barreeffamootaafi waantota walittibu'iinsa uuman kamuu qabatanii bakka ayyaanonni kunniin ittikabajaman deemuun dhorkaa ta'uunis dagatamuu hinqabu.

Egaa qophiileen haala kanaan taasifamanii yoo haalonni shakkisiisuun mudatan hawaasni haaluma barameen humna nageenyaatiif eeruu kennuun gumaachasaa bahatee akka ayyaanonni addababa'ii kunniin madda duudhaa obbolummaafi tokkummaa ta'anii ittifufan gochuu qaba.

Yaada



Ayyaanonni gochoota hinmalle kamirraayyuu walaba ta'uu qabu

Charinnat Hundessaatiin

Baatiin Fulbaana keessa jirru kun Qaam'erra eegalee ji'a ayyaanota adda adda keessummeessuun beekamuufi badhaadheedha. Baatiin kun gama kaaniinis ji'a barnoonni itti eegalamu, Guyyaan Turizimii Addunyaa, Guyyaan Maanguddoota ittikabajamuufi taateewwan biroollee keessummeessuudha.

Keessumaa Fulbaanni baranaa haala adda ta'ee heddummina keenya ibsuun walduraa duubaan ayyaanota Mawulidiifi Mijjirii (Masqalaa) gaafa 16fi 17; torbeessaatti ammoo aduu 26fi 27 ayyaana Irreechaa Hora Harsadeefi Finfinnee ni keessummeessa.

Ayyaanota kanneen xiqqaa guddaan, qabeessiifi hiyyeessi, magaalaa baadiyyaan, lammiin biyya keessaafi ala jiru akkasumas turistoonni hawwiidhaan eeggatu.

Ayyaanonni kunneen keessumaa Masqalliifi Irreechi yeroo ganna dukkana keessaa gara booqaa birraatti ce'ametti waan kabajamaniif abdiifi miira adda nama keessatti uumu. Waluma yaadachiisuuf fakkeenya kaasnee tokko tokkoon gabaabinaan haa ilaallu mee.

Masqala

Guyyaan Masqalaa Oromoo biratti guyyaa gammachuuti. Guyyaan kun guyyaa intalli heerumte qincee ykn dhangaa abbaan jaalatu qabachuun warrashee ittigaafatuudha. Kana malees tapha obbolaashee dirree garmaamaatti ba'uun gootummaa obbolaashee kan ittidaawwatuudha.

Guyyaa kana fardi ganna sooramaa bahe meeshaa fardaatiin faayamee garmaamaaf ba'a. Taphni fardaa ykn gugsii seera ittiin raawwatamu qaba. Abbootiin seeraas maanguddoota dur leenjii fardaatiin beekaman yoo ta'u, iddoo ka'umsaafi ga'umsaa qaba. Taphattoonni iddoowwan lamatti ykn gamaafi gamanatti addaan fo'amanii dhiichisaa tuuta tuutaan dorgomu ykn kan dura kaatu reebuun geggeessu.

Reebichi kunis yoo xiqqaate fageenya meetira 500-600 kan hincaalle ta'ee iddoon ka'umsaa gara meetira 30 yoo ga'u, namni ari'u sagalee 'qabi' jedhu dhageessisaa, kan fardaan fuuldura gulufus gaachanaan ofirraa qolachuuf dheeffasaa itti cimsa.

Kan ari'us siinqee ykn ulee qabu akka waraanaatti itti darbata. Kan kaatus yoo danda'e qolatee jalaa baha. Kana booda gareen dheessaa ture duubatti deebi'ee dabareesaa kan ari'u yoo ta'u, kan ari'aa ture immoo akka dheessuu ta'a. Bifa kanaan hanga galgalaatti taphachaa oolani galgala dhiichisaa addaan galu.

Kun egaa taatee ayyaanni Masqalaa dirreerratti miidhaginaan keessummeessuudha. Ibsaa

ykn mijjirii baasuunis taatee Masqala hordofee haala wajjumaafi gamtoomina agarsiisuun raawwatamuudha. Ayyaanichi qe'eettis ollaa wajjin taateewwan adda addaatiin waa'elchameeti sirna ho'aadhaan kan kabajamu.

Irreecha

Irreechi aadaa galateeffannaati. Galata waaqaaf galchuudha. Ummatni Oromoo Aadaa jaarraawwan dheeraaf Sirna Gadaa keessatti kuufate qaba. Aadaan immoo muuxannoofi yaadota bara dheeraa keessaa dhala namaatiin darbaa dabarsaan gara dhalootatti dhufuudha. Aadaan Oromoo kan hammatame sirna Gadaa keessatti. Oromoon Gadaa miseensa shanitti qoodee jiruufi jireenyasaa sirnaan ittiin gaggeessan waliif dabarsuudha.

Kunis yeeroosaatti sirna gaggeessumaan beekamee guutuu kan tureedha. Kanaaf gadaa damee siyaasaa, damee dinagdee, damee hawwaasummaafi amantii ni qabaata. Kana keessatti Gadaan damee amantii namoonni akkamitti akka waaqeffataniifi dhugeeffatan seera qaba. Seerri kun Seerota Ulfaa ja'an Gadaan lallabu keessa kan jiran seera Waaqaafi Lafaa, Seera Abbaafi Hadhaa, Seera Malkaafi Tulluu jedhamu.

Irreeffachuun galateeffachuudha. Galanni immoo uumama qabatani Uumaa kadhachuudha. Kanaaf Oromoo margaa jiidhafi abaaboo ykn dararaa qabatee Malkaa bu'uufi Tulluu yaabee irreeffata jedha barreeffamni hayyuu aadaafi seenaa Obbo Alamaayyoo Hayileetiin qophaa'e.

Kunniin egaa walumayaadachiisuuf akka garba keessaa bishaan fal'aanaan qicuuti. Ayyaanonni duudhaafi ergaa cimaa akkanaa of keessaa qaban kunniin haaluma kamiinuu kan ergaan siyaasaafi fedhiin dhuunfaa kamuu irratti calaqqisu ta'uu hinqaban. Kun tasumaa akka hintaaneef ammoo abbaa ayyaanota kanneenii kan ta'e ummanni bal'aan keessumaa dargaggoonni qoodasaanii adda durummaan bahachuu qabu.

Akka hoggantuun Biiroo Nageenyaafi Bulchiinsaa Magaalaa Finfinnee, Aade Liidiyaa Girmaa jedhanittis, ayyaanonni kunniin haala duudhaasaanii akka kabajamaniif hojii bal'aan hojjetamaa jira.

Oggaa ayyaanonni kunniin kabajaman qaamoleen akeeka diigumsaa qaban walittibu'iinsa uumuuf ni socho'u. Kaayyoo diigumsaa kana fashaleessuufis qophiin taasifameera. Walumaagalattuu ayyaanonni keenya kamuu tuttuqaafi qoccollaa kamirraayyuu walaba ta'uu qabu.

Ayyaanotni kunniin kan jaalalaa, badhaadhinaafi kan tokkummaa nuuf haa ta'an!



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii

1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata

Pireesii Itoophiyaa

Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22

Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundessa

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waaasihun Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et



Ethiopian Press Agency

Abbaa Sa'aa

Wiirtuu Konveenshiniifi Egzibiishinii Idiladdunyaa Addis Afrikaa ijaaramaa jiru

Charinnat Hundeessaatiin

Mataduree, “Finfinnee mil’annaa miidiyaatiin” jedhuun tibbana gaazexeessitoonniifi hoggansi miidiyaalee adda addaarraa bahan kanneen 115 ta’an hojiiilee misoomaa namarratti xiyyeeffataniifi pirojektonni guguddoon Magaalaa Finfinneetti hojjetamaa jiran daaw’ataniiru.

Pirojektota daaw’annan irratti adeemsifame keessaas Wiirtuu Konveenshiniifi Egzibiishinii Idiladdunyaa Addis Afrikaa, riqichoorni, wiirtuun to’annoo tiraafikii, daandiiwwan ijaarsiisaanii yeroo gabaabaa keessatti xumurame, wiirtuu misooma beeladaafi ga’ummaa, warshaalee biddeena, giddugaleessa omishaaleen ittikuufamaniif gurguramaniifi Godambaa Adwaati.

Pirojektota guguddoo hedduu Magaalaa Finfinneetti ijaaramaa jiran keessaa Wiirtuun Konveenshiniifi Egzibiishinii Idiladdunyaa Addis Kutaa Magaalaa Lammii Kuraatti ijaaramaa jiru isa tokko. Oggaa ijaarsi wiirtichaa xumuramee humnasaa guutuun tajaajila kennuu eegalutti biyya keenya, Itoophiyaan akkasumas Finfinneen egzibiishinootaafi baazaarota idiladdunyaa haala milkaa’ina qabuun keessummeessuu akka dandeessuuf kan gumaachu ta’a.

Maamiloota kumoota danuu taateewwan adda addaa addunyaa qopheessuuf Finfinnee qaxxaamuranii darban asumatti hambisuudhaan biyyi keenya sharafa alaa hanga barbaadamuun argachuu akka dandeessuuf humna addaa dabaluu akka danda’u abdatameera.

Ogaa ijaarsi wiirtichaa xumuramutti Itoophiyaan waggaaatti egzibiishinoota addunyaa 60 haala milkaa’aadhaan keessummeessuu dandeessisa. Bu’uurri misoomaa sadarkaasaa eeggate kan diriirfamuuf yoo ta’u, gama hundaan Afrikaa bahaarraa wiirtuu dorgomaa ta’a.

Pirojektiin Wiirtuu Konveenshiniifi Egzibiishinii Idiladdunyaa Addis Afrikaa lafa kaaree meetira kuma 110 irratti boqonnaawwan sadiin ijaaramaa jiru kun dafee akka xumuramuuf tattaaffii cimaan taasifamaa jira. Ijaarsi pirojektichaa oggaa xumuramutti Finfinneef miidhagina addaa akkasumas haala Itoophiyaa fooyyessuuf humna ta’a jedhamee abdatameera.

Boqonnaa jalqabaatiin ijaarsi bakka agarsiisniifi baazaariin addaa iddiladdunyaa ittidihiyaatu lafa kaaree meetira kuma 12 olirratti adeemsifamaa kan jiru yoo ta’u, galmoonni hundagalaas ijaaramaa jiru. Oggaa boqonnaan jalqabaa ijaarsichaa xumuramutti galmi tiyaatira anfi daaw’attoota kuma tokkoo ol qabachuu danda’u lafa kaaree meetira kuma torbarratti kan ittifufu ta’a.



Suurri Iyyob Tafariitiin

Wayita ijaarsi wiirtuu daaw’atametti

Wiirtichi galmawwan egzibiishinii, baazaariifi moolota gabaa akkasumas iddoo guddicha altokkotti keessummoota kuma 10 ol itti keessummeessu ni qabaata.

Haaluma walfakkaatuun oggaa ijaarsisaa boqonnaa lammaffaan dhiyeenyatti xumuramutti bifuma walfakkaatuun wiirtuu konfaransii sadarkaa idiladdunyaa eeggate ni qabaata. Wiirtuun Konveenshiniifi Egzibiishinii Idiladdunyaa Addis Afrikaa boqonnaa lammaffaan lafa kaaree meetira kuma 27 irratti ijaaramaa jira. Boqonnaan kunis galmoota guguddoo, kaafeeriyaawwan, iddoo tiyaatirriifi fiilmiin itti agarsiifaman danuu qabaata.

Konveenshiniifi Egzibiishiniin Idiladdunyaa Addis Afrikaa wiirtuu kaappitaala aksiiyooniirraa walittiqabamuun lafa hektaara 11 liiziidhaan mootummaarraa argamerratti misoomaa kan jiru ta’uudharaawwachiisaa hojii ittaanaan wiirtichaa Obbo Gaashaawu Abaataa garee gaazexeessitootaa tibbana bakka ijaarsichaatti argametti kan himan.

Ammaan tana abbootii aksiyoonaa kuma tokkoo 52 qabna. Abbootiin aksiyoonaa guguddoon dhaabbilee misoomaa mootummaati. Kanneenkeessaa Bulchiinsi Magaalaa Finfinnee, aksiiyooniwwan danuu bitee misoomicharratti hirmaachaa jira jedhan.

Baankiin Daldalaa Itoophiyaa, Dhaabbanni Daldalaa Turistii Itoophiyaa, Bulchiinsi Wabii Hawaasummaa Hojjetoota Mootummaa, Baankonni Wagaagan, Dhaashin, Abisiiniyaa, Inshuraansii Awaash akkasumas namoonni dhuunfaan keessatti argamu. Daandiiin Qilleensaa Itoophiyaas yeroo dhiyoo as abbaa aksiyoonaa ta’eera jechuun ibsan.

Wiirtuun kun guddina, qulqullinaafi miidhaginasatiin Afrikaa bahaatti tokkoffaadha. Wiirtichi gama carraa hojii bal’aa uumuufi mootummaaf galii maddisiisuutiin faayidaa olaanaa qaba.

Turizimii biyyattii guddisuu keessattis gumaacha guddaa qaba. Ce’umsateknolojii keessattis akkasuma. Itoophiyaan teessoo dippilomaatotaafi dhaabbilee addunyaa ta’uun sadarkaa sadaffaarra waan jirtuufis kanaan walqabatee wiirtuun kun faayidaa damdaneessa qaba.

Wiirtuun kun gaaffii bu’uura misoomaa teessoo addunyaa ta’uun Itoophiyaa wajjin walqabatee ka’aa tureef deebii kan kennuudha. Oggaa ijaamee xumuramutti gama siyaasaatiinis ta’e dippilomaasiitiin gumaacha olaanaa qabaata. Ogguma ijaaramaa jiru kanallee namoota danuudhaaf carraa hojii bal’aa uumuudhaan tajaajilaa jira.

Ijaarsa wiirtuu kanaatiif muuxannoo kan fudhanne magaalota akka Honghikongi, Dubaayiifi Miilaan (Xaaliyaanii) fa’irraayyi. Biyyoota akka Afrikaa Kibbaa, Ruwaandaafi Keeniyaa fa’is waan dhaabbilee akkanaa qabaniif daran fayyadamaniiru.

Itoophiyaa biyyi guddoon ummata miliyoona 100 tokkoo ol qabdu, dameelee dinagdee walmakaa (qonna, industirii, maanufaakchariingii, daldala, tajaajila) qabdu taatee otoo jirtuu hanga ammaattuu dhaabbata akkanaa dhabuun irra hinturre.

Manni Marii Daldalaa Finfinneefi Bulchiinsi Magaalaa Finfinnee kana hubachuuni ijaarsi wiirtuu kanaa akka eegalamu kan taasisan. Nutis keessatti hirmaannee asiin geenye. Ijaarsichis walakkeessa bara kanaatti ijaarsi boqonnaa jalqabaa guutummaatti xumuramee hojiitti akka galuuf xiyyeeffannaan hojjetaa jirra jedhan.

Wiirtichi ijaarsa boqonnaa sadaffaafi isa dhumaatiin hoteela abbaa urjii torbaa ni qabaata. Isaan kunniin hunda qabachuuni wiirtichi Wiirtuu Konveenshiniifi Egzibiishinii Idiladdunyaa Addis Afrikaa kan jedhameef. Gamoo daldalaa ijaarsisaa xumurameefi kutaalee afurtama qabu ammaan tana tajaajilawwan adda addaatiif

kireessuu eegalleerra.

Ijaarsi waliigalaa wiirtichaa barana akka xumuramuuf karoofamuu hanqina sharafa alaa dabalatee sababoota adda addaatiin harkifachuu akka danda’uudha kan eeran. Gama gatiitiin yoo ilaalle boqonnaan jalqabaa qofti duraan qarshii biliyoona 1.2n hojjechuuf yaadamee turus; qarshii biliyoona lama barbaachisa.

Garuu akkuma beekamu gatiin meeshaaleefi humnaa si’aayinaan dabalaa waan jiruuf ammayyuu qarshii biliyoona lama jenne malee hammam akka fudhatu tilmaamuun nama rakkisa. Akaakuuwwan egzibiishinii afurtu jiru. Isaanis kan idiladdunyaa, ardii, biyyaaleessaafi magaalattiiti.

Egzibiishiniin ogummaa jechuunis kan abaaboo, shaqaxootaa, industirii, faarmaasiifi kkfn ni jiru. Fakkeenyaaf wiirtuun egzibiishinii Dubaay waggaaatti hanga agarsiisa 70 keessummeessa. Aksiyoonichi bara 2005 hundaa’e. Ijaarsi bara 2010 jalqabame. Ijaarsaatiif qarshii miliyoona 800 kan kenne bulchiinsa magaalichaati.

Bulchiinsichi ogummaawwan adda addaatiinis nu gargaaraa jira. Yoo xiqqaate kantiibaa Adaanachi torban lamatti al tokko dhufanii haala hojichi irra jiru ni daaw’atu. Waajjirri kantiibaafi Waajjirri Pirojektota Guguddoo Magaalaa Finfinnees deeggarsa walirraa hincinne taasisaa jiraachuus dubbataniiru.

Waajjira Pirojektota Magaalaa Finfinneetti daarektarri Bulchiinsa Kontiraataa Injiinar Daawwit Xibabuus xiyyeeffannaa bulchiinsi magaalichaa ijaarsa wiirtichaatiif kenneen keessumaa waggoota lamaa as haala gaariidhaan deemaa jira jedhan.


Pirojektichi akkuma ardiittuu isa guddaadha. Barana eebbisiisuuf torban guutuu, sa’aatii 24:00 hojjetamaa jira. Bulchiinsi magaalichaa wiirtuu egzibiishinii biraas ijaarsisuuf yaadaa jira jechuun ibsan.

Walumaagalatti, daaw’annichaan hojiiileen magaalattiifi biyya gitan guguddoon namarratti xiyyeeffatan hojjetamaa akka jiraniidha kan hubanne. Waantonni hojjetamaa jiran egereen magaalattiis ta’e biyyattii maal akka fakkaatan ifatti kan agarsiisaniidhas.

Keessumaa magaalaa biyya ijaarsaaf dhagaaa bu’uuraa kaa’anii biraa galuu malee yeroo, qulqullinaafi maallaqa qabameen fixuun rakkoo ta’aa turetti waanti ammaan tana qabatamaan hojjetamaa jiru daran abdachiisaa waan ta’eef muuxannoofi fakkeenya waan jalqaban hordofanii xumuruufi xumursiisuu kana naannoleefi magaalonna kunniinis qooddatanii sirnaan ittifayyadamuu qabu.

Ilaamee...

Ayyaana Masqalaa: Shawaa Kibba Lixaafi Guraageetti



Qe'ee Masqalli Itti kabajamu

Charinnat Hundeessaatiin

Oromoon ayyaana Masqalaa gubaa mootii ayyaanotaa jedhee waama. Ayyaanni Masqalaa kan kabajamu tibbi gannaa darbee birraan bari'uudha. Ayyaanni Masqalaa bara haaraatti ayyaana duraa ta'ee sirna ho'adhaan kabajama.

Tibbi Birraa yeroo gaarri, dirreefi oyiruun magariisa uffatee ittimul'atu, yeroo omishni itti ga'u, yeroo abaaboon itti daraaruufi loon marga quufani gara horaa geeffamaniidha. Tibbi kun yeroo dhalli namaa abdiitti horatu waan ta'eef daran jaalatama, leellifamas. Ummanni Oromoo dur Ayyaana Masqalaa baatii Hagayya keessa waggoota ykn jaarraa dheeraaf kabaja ture. Booda ayyaanichi waan walfakkaatuuf guyyuma tokko akka ta'u murtaa'ee Fulbaanatti akka waliin kabajamu ta'e.

Erga seensaaf hangana jennee Gaazexaan Bariisaa ayyaanni Masqalaa kun ammaan tana keessumaa godinaalee Shawaa Kibba Lixaafi Guraageeti haala kamiin akka kabajamuufi kabajamaa jirurratti qaamolee dhimmi ilaallatu dubbiseera.

Ittigaafatamaan Waajjira Aadaafi Turizimii Godina Shawaa Kibba Lixaa Obbo Fakkansaa Gammachuu akka jedhanitti, ayyaanota hawaasaa guguddoo tibba birraa kana kabajaman keessaa ayyaanni Masqalaa isa guddaadha. Sababuma kanaan ayyaanichi Mootii Ayyaanaa jedhamuun beekama. Masqalli saddeeta qaba, saddeenni diroon isiniif haa naanna'u jedhee Oromoon godinichaa karaa aadaatiin ayyaana Masqalaa kabaja.

Qoraan Masaqalaas kan falaxamu Hagayya 12 booda. Kan falaxus dargaggeessa. Qoraan Masqalaa waan akka namni gaafa sana ayyaana dhiisee qoraan barbaacha hindeemneef dursee qophaa'a.

Sirni jalabultii, guyyaa ayyaanaafi darbee geggeeffamu jira. Jalabultiin ayyaana Masqalaa Fulbaana 12 jalqabama. Kunis naannawichatti ayyaana Muka Dhaabaa jedhamuun beekama. Guyyaan kun guyyaa mukti muka keessaa filatamee daamaraa ykn mijjirii gaafa 16f irratti furdifamu ykn utubamu ittiddhaabatuudha.

Akka dhugeeffannoo ummata keenyaatti ammoo gaafa muka dhaabaa bariitu lafti uumamashiitiin ni jabaatti, roobni ni qaqa'ata, lageenis ni hir'atu jedhama. Guyyaa muka dhaabaa kanarraa kaasee kutaaleen hawaasaa adda adda maanguddoonni, dubartoonni, dargaggoonni, daa'imman sagantaalee raawwatan qabu.



Ibsaa Masqalaa

Akkaatuma kanaan sagantaa guddaafi inni jalqabaa sirna Jabaa Masqalaa jedhamutu muramee qophaa'a. Dubartoonni jalabultii Masqalaatti ateetee bulfatu. Ateetee bulfamuu kanaaf warri dhiiraa jabaa laaftoorraa muranii goggogfamee ni qophaa'a.

Guyyaa bulfannaa ateeteerraa kaasee hanga Onkoloolessa Itti sirni Karra Cufaa Masqalaa jedhamu raawwatamutti ibiddi Jabaa Masqalaa hindhaamu. Yeroo kanatti dubartii kaamettiin ibidda barbaacha ollaa hindeemtu.

Dhugeeffannoo Oromoo keessaa inni guddaan sirna Ulaa Mormaa jedhamuudha. Ulaan Mormaa gaafa Fulbaana 14 geggeeffama. Gaafa Ulaa Mormaa kana Oromoon muka Bakkanniisaa guddaa jalatti muka bukkeen dhaabee saawwaniifi ilmaansaa ollaadhaan walwaamee sagantaa kana raawwata.

Ulaa mormaa kana kan dursee bahu korma. Kormi dhaloota, ittaanse harreetu darba. Harreen gargaaraa dhala namaati. Ba'aa dhala namaa harreetu baata. Yoo duulan galaa baatee nama wajjin duula. Ittaanse dargaggeessi, maanguddoonni, dubartoonni bahani booruu gannaarraa gara birraatti baanee, hulluuqneerra jedhu.

Qophii guddaan jalabultii ayyaanaatti gaggeeffamu biraan ibidda ijoolleeti. Ibiddi ijoollee Fulbaana 14 geggeeffama. Daa'imman ollummaafi obbulummaadhaan duudhaa waliin jireenyaa dhaloonni jalaa dhufu beekuu waan qabuuf daamaraa gubani sirbanii Masqala faarsu. Kun sirna guddaa jalabultii ayyaana Masqalaatti geggeeffamuudha jechuudha.

Inni biraan duudhaa galchaa baranee jedhamee beekamuudha. Galchaa baranee jechuun intalli bara darbe heerumte Masqalaaf warrashii bira dursitee deemtee gaafa 14 gara mana abbaa warraashiitti deebiti. Firri dhangaa qopheessee bahee ishii simata.

Dargaggoonni meeshaa fororsaa jedhamu kan dhangaan akka cuukkoo, dhadhaafi kkfn ittiin baatamuun gara mana abbaa warraashiitti geggeessu. Ollaafi fira waamanii simatanii waan intalli fudhattee galte waliin nyaatanii dhugu. Duudhaalee hariiroon ollummaa, obbolummaafi firummaan hawaasaa ittiin ijaaraman keessaa kun taatee tokkoofi isa guddaadha.

Erga sagantaaleen kunniin hundi geggeeffamanii booda gaafa gubaa ykn Mijjirii Nama Jabaa jedhamee beekamu Fulbaana 16 galgala ollaan walitti dhufee qe'ee hangafaatti gubu ykn mijjirii baasu. Guyyaa kana namoota guguddootu dura bu'ee mijjiricha baasa.

Kunniin hundi sirnoota ayyaana Masqalaa dura geggeeffamaniidha. Asirratti amantiidhaan, gosaan walqooduun hinjiru. Hunduu Masqalaaf uffata adii uffata. Kanas saddeenni dirooti isinii haa naanna'u, barri bara quufaa haa ta'u, jedhamee ollaa, tokkummaafi jaalalaan kabaja. Masqalli ayyaana hariiroofi tokkummaan hawaasaa daran itticiimuudha.

Gaafa Fulbaana 17 ykn Masqalaa ganama sirna Daaraa Qabannaa jedhamutu raawwatama. Gaafa kanas ollaan walitti bahee bakka galgala mimmirii ittibaasan

naanna'anii ykn marsanii taa'anii midhaan Waaqayyo isaanii biqilche keessaa kanneen akka asheeta baaqelaa achitti goroggor jedhanii nyaachuu eegalu.

Jalabultii ayyaana Masqalaatti dargaggeessi Masqalaafi birraa faarsaa, ya dureessa koo jechaa taphata. Gaafa Daaraa Qabannaatti waraana qabatanii rakkoo hawaasaa kan bardheengaddaa wallole araamee qara eeboo gadi qabani jifuu qabatanii daaraa addaan waltuqanii mortuufi inaftuun haa haabaddu, tokkummaan haa ijaaramu, ollummaan haa dagaagu jedhanii walfaarsu, waleebbisu. Ijoollees sirna Daaraa Qabannaa kanarratti dhiyeessanii, mijuunis dhiyaatee waliin nyaataniifi dhuganii ittiin gaggeessaniidha.

Hamma gaafa Onkoloolessa Itti ibiddi hindhaamu, nyaanni manaa hindhumu, waan Masqalarraa hafe guyyaa sana Jabaa sana manaa baasanii kabajni ayyaanichaa xumurama. Guyyaan sirnichi ittiin xumuramus Karra Cufa Masqalaa jedhama.

Barana ayyaanni Masqalaa bifa aadummaasaa eegeen akka kabajamuuf dargaggeessi Roobii darberraa kaasee Magaalaa Walisoofi aanaalee Godina Shawaa Kibbaa Lixaa keessatti goobee sirbaa jira. Haala kabaja ayyaanichaarratti fooramii dhaabbilee amantii wajjin mariin geggeeffameera.

Hangafa ayyaanotaa kan ta'e Masqalli nagummaansaa akka eegamuufi guyyichi kan jaalalaa qofa ta'ee akka kabajamuuf qophiin duraa bal'inaafi haala miidhagina qabuun adeemsifameera.

Duudhaan kun dhalootaa dhalootatti akka ce'uufis dokimantii guutuun kan jalabultiirraa kaasee hanga dhumaatti jiru qindeeffamee akka kaa'amuuf waan guddaa hojjetaa jirra. Gama kanaan dubbii arbeessuu hinta'in malee maqaa gaariis qabna.

Tokkummaafi obbolummaadhaan walqabatee godinni keenya Naannoo Jiddugaleessa Itoophiyaa keessumaa saba Guraagee wajjin ollummaafi hariiroo gaariifi cimaa qabna. Nyaanni aadaa nuti qabnu saba Guraagee biras jira. Miseensonni saba Gumuzis godina keenya keessatti ni arganu. Darbees saboonni biroonis godinicha keessa bal'inaan jiru.

Masqalli guyyaa namni balbalaafi gosa itti walhingaafanneedha. Nama ta'uusaa qofaan guyyaa itti namni jaalalaafi tokkummaadhaan dabarsuudha. Akka aadaattis kocheen (kitfoo) nyaata aadaa

AADAIFI AARTII

“Irreechi ulfoodha, haadholiin gufachuu, abbootiin mufachuu hinqaban”

- Haadha Siinqee Siikkoo Mandoo Shamsiyyaa Guutamaa

Waasihun Takileetiin

Irreechi ulfoodha, xiqqaafi guddaan kabajama, waggaa waggaa bari'uu birraa hordofee ummata Oromoo biratti haala ho'adhaan osoo amantiidhaan, lagan, gandaanfi ilaalchaan walhinqoodiin Oromoon tokkummaan bahee uumaasaa kan itti galateeffatuudha. Kanarraa kan ka'e ummacha biratti kabajaafi naamusa mataasaa qaba.

Ummanni Oromoo Odaawwan shanan jala jiru marti osoo biyya keessaafi alaa hinhaftiin uumaa dukkanaafi bacaqii gannaa keessaa ifa birraatti isa baase horaafi malkaatti bahuun jiidha qabatee guyyaa itti uumaasaa galateeffatuudha. Guuta lageeniin kan walirraa fagaatee firaafi ollaan dhufaatii birraa kana hordofuun walitti dhufuun бага ијји nagaan wal nu arge, бага nagaan baatan waliin jechaa uumaa galateeffatu.

Irreecha jechuun galateeffachuu jechuu yoo ta'u, kan galateeffatamu uumaa uumama hundaati malee laga, malkaa, tulluu ykn muka miti.

Aadaafi duudhaan kun ummata Oromoo biratti waggaa waggaa dhufaatii birraa hordofuun uffata aadaatiin faayamee, faayawwan gara garaatiin miidhagee gara horaatti imaluun erga abbaan malkaa, malkaa saaqee booda walduraa duuba eeguun sirna galteeffannaa kana raawwatu jechuudha.

Sirni galateeffannaa kun duudhaasaa eeggatee akka gaggeeffamuuf naamusa Oromummaan kallattii abbootiin Gadaa kaa'an hordofee gaggeeffamuu akka qabu Jiraattuu Magaalaa Adaamaa kan ta'aniifi Haati Siinqee Siikkoo Mandoo Shamsiyyaa Guutamaa ni dubbatu.

Turtii Gaazexaa Bariisaa waliin taasisaniin Irreechi ulfoo ta'uu kabajaafi naamusa mataasaa eeggatee akka gaggeeffamuu qabu kan kaasan Haati Siinqee tun, Qeerroonis ta'e Qarreen hangafootaasaniin durfamani sirna galateeffannaa kana raawwachu akka qaban, walduraa duubasaa beekani dhaloota duuba jiruuf dabarsuuf naamusaan akka gaggeessan ibsu.

Baay'inni namoota ayyaanicharratti hirmaatanii daran olaanaa ta'uun walqabatee waldaddarbachuun, waldhiibuun gaaga'ama fiduun haala duudhaa sirnichaa miidhuu waan danda'uuf gamanumaa of qopheessuun barbaachisaa ta'uu kaasu.

Dargaggoonni keenya ilaafi ilaameen duudhaasaniin naamusaan milkeessuun tattaaffii ayyaanicha 'UNESCO'tti galmeessisuuf taasifamu galmaan ga'uuf yoomiyyuu caalaa hojjechuu qabu jedhan.

Oromoon ummata guddaa safuu, naamusaafi ilaalcha dimokraatawaa, sirna Gadaatiin of ijaare waan ta'eef wanti hojjennu marti dimokraatawaa ta'uu mala jedhu Aade Shamsiyyaan.

Irreechi 'UNESCO'tti galmaa'uun Oromoofi Oromummaa cimsuun addunyaa waa'ee keenya beekuu qabuuf barsiisuuf waan gargaaruuf miidhagnee baanee miidhamnee galuu osoo hintaane kabajaan galuufi milkaa'inaan ofkallee galuun nurraa eegama jechuun ibsu.

Sirni galateeffannaa kun oggaa waggaa waggaa kabajamu Oromoo biyya keessaafi ala jiruu ala sabaafi sablammiileen Itoophiyaa



kanneen akka Sidaamaa, Halaabaa, Gaamoo, Walaayittaa, Qimaanti, Tigraay, Amaaraa, Agawu, Burjii, Beenishaangul Gumuziiffaan miira kankooti jedhuun irratti argamuun gammachuusaanii dhandhamaa ayyaanicha miidhagsu.

Sabaafi sablammiileen kunniin kabaja ummata Oromoof qaban agarsiisuuf aarsaa yeroo, maallaqaa, aantummaa kaffalanii kandhufan waan ta'eef kabajaan simannee kabajaan gaggeessuun dirqama Oromummaa ta'uullee kaasanii, keessumattuu Qeerroofi Qarreen Oromoo ittigaafatamumaasaniin haalaan bahachuun irraa eegama jedhu.

Keessummaa nama ayyaanicha miidhagsuuf dhufe simatanii ayyaanicharratti gammachuu waliin dhandhamaa kabajaan gaggeessuun dirqama Oromummaa waan ta'eef gama kanaan dargaggoonni abbummaan tajaajiluun irraa eegama jechuudha.

Oromoon aadaafi duudhaasaa akkasumas sirnasaa qofa miti alangeensaa, siinqeen, uffanni aadaa, naamusa, kabajaafi dimokraasii kan labsan waan ta'eef ayyaanicha miidhagsuun barbaachisaadha.

Jibbi jaalalaan, lolli araaraan akkuma injifatamee bareedu jaarraa tokkoofi walakkaa oliif Hora Finfinneerratti galateeffachuun hafee mufii Oromoon qabu ture wareegama qaaliifi qabsoo hadhaa'aa erga deebi'ee kabajni ayyaana Irreechaa iddoosaa ganamaatti deebi'ee akka gaggeeffamu ta'uun injifannoo guddaadha.

Injifannoon Hora Finfinnee bakkatti deebisuurratti argame kun garaagarummaa ilaalcha siyaasaafi amantiitiin akka hinboorofneef sirna ofii ofumaa tikfachuun nageenya waloof waliin dhaabachuun barbaachisaadha.

Milkaa'ina Oromootti kan hingammanne

jiraachuu mala kan jedhan Haati Siinqee Shamsiyyaan, ilaalcha kamuu jaalalaan injifannee caallee argamuu qabna yaada jedhu kaasaniiru.

Ayyaanichi kan milkii, kan araaraa tokkummaan Oromummaa kan irratti calaqqisu walddhabdeefi rakkoon gargaagarummaa siyaasaa ittifurumaata argatu akka ta'uuf hawwii qaban ibsataniiru.

Egaa Irreechi Ulfoodha jedhanii kan ulfeeffatu, safeeffatu kan galateeffatu marti haadholii osoo hingufachiisiin abbootii osoo hingufachiisiin miidhagee bahee miidhagee akka galuuf tokkummaan keenya cimuu qaba ergaa jedhus dabarsaniiru.

Kun bu'aa qabsoo ilmaan keenyaati kan jedhan Aade Shamsiyyaan duudhaan kun ilaalcha siyaasaa gara garaatiin boora'uu akka hinqabne, Irreechi madda nageenyaafi jaalalaa kan tokkummaa ta'uu akka qabu dubbataniiru.

Irreechi eenyummaadha, aadaadha, duudhaadha, sirna galateeffanaadha, Oromoon ala sabaafi sablammiileen hunduu waliin ta'ani kabajachuun haaluma kanaan dura barameen ittifufuu qaba kan jedhan ammoo Barreessaan Gamtaa Abbootii Gadaa Oromoofi Abbaa Gadaa Tuulamaa Goobana Hoolaati.

Abbaa Gadaa Goobana Hoola ibsa kabaja ayyaana Irreechaa bara 2016 ilaalchisuun miidiyaaf kennaniin ayyaanichi Fulbaana 26fi 27 bara 2016 akka gaggeeffamu kaasaniiru. Irreechi siyaasa, amantiifi qoodinsa sanyiiirraa bilisa ta'uu himanii, mallattoo Abbaa Gadaatiin miidhagee gaggeeffamuu akka qabu eeraniiru.

Dirreen Irreechaa dirree sirni galateeffannaa uumaa ofii itti gaggeeffamu malee kan siyaasaa miti. Qaamolee milkaa'ina Oromootti inaan sirnicha siyaasaafi amantiidhaan

waalitti hidhuuf yaalu. Kun ammoo gonkumaa fudhatama hinqabu jechuun dubbatu.

Ayyaanni kun Oromiyaa keessatti haa kabajamu malee kan Itoophiyana hunda biratti hawwiidhaan eegamu, hirmaachisaafi dimokraatawaa ta'uu dubbatu.

Kanaafuu, ilmaan sabaafi sablammiilee kutaalee Itoophiyaa gara garaatti argaman miira ayyanichi kankooti jedhuun waggaa waggaa Hora Finfinneefi Hora Harsadiirratti argamuun uffata aadaasaniin, walleefi agarsiistuu eenyummaasaniin faayamanii ayyaanicha dabalaa turan ammas qophiitti jiru.

Nuti abbaan ayyaanichaa ammoo keessummaa ayyaanicha miidhagsuu qe'ee keenya dhufu nooruu jennee waan qabnuun keessummeessinee kabajaan gaggeessuun dirqama keenya jedhu Abbaa Gadaa Goobana Hoolaati.

Dargaggoonni walduraa duubaafi kallattii Abbootiin Gadaa kaa'an hordofuun hangafootaaf dursa kennanii keessummaa ittaansuun naamusaafi kabajaan gaggeessuuf of kennanii hojjechuu qabu yaada jedhus ni kaasu.

Ilaalchi siyaasaa kamuu ayyaanicharratti mul'achuu hinqabu kan jedhanii, faajii (mallattoo) Abbaa Gadaa qofaan ayyaanicha dabalaniin miidhagsuufi milkaa'inaan xumuruun agarsiistuu Oromummaa ta'uu dubbatu.

Ayyaanicha 'UNESCO'tti galmeessisuuf sochiin taasifamaa jiraachuullee eeranii, kun akka milkaa'uuf duudhaafi aadaa Irreechaa kabajuun agarsiistuu dimokraasii, walqixxummaafi tokkummaa ta'uu mul'isuun barbaachisaadha jedhu.

Irreechi sirna galateeffannaa Itoophiyaanonni hundi irratti argaman waan ta'eef dhalattoonni biyya keessaafi ala jiran si'aa'inaan irratti hirmaachuu akka qaban dhaamaniiru.

Guyyaa Irreechi bara 2016 kan Hora Finfinneefi Harsadee ittigaggeeffamu kunis akkaataa bara lakkaawwannaa ummata Oromootiin erga qoratamee booda guyyoota eeramanitti akka gaggeeffamu murtaa'eera jedhan.

Sirni galateeffannaa kunis erga Abbaan Malkaa malkaa saaqee booda walduraa duubasaa eeggatee kan gaggeeffamu yoo ta'u, dargaggoonni keessumaa qeerroofi qarreen haadholiin akka hingufanne, abbootiin akka hinmufanne eegumsaafi kunuunsaa gochaa Irreechi Irreecha milkii akka ta'uuf hojjechuu qabu.

Hirmaattonni gammadaniin dhufanii gammachuusaniin obboleeyyansaniin waliin dhandhamanii eebba Abbootii Gadaa kan baranaan nugeesse bara egeeren nugahi jedhanii wal-eebisuun naamusaafi nagaan walgaggeessuun barbaachisaa ta'uus kaasaniiru.

Ayyaanni ulfoo Irreechi bara 2016 kan Hora Finfinnees kan Hora Harsadiis nagaan jalqabamee nagaan akka xumuruuf hunduu tumsuu akka qabu Abbaan Gadaa Goobana Hoolaati dhaamaniiru.

Irreechi Irreecha milkii kan nagaan gammachuu kan obbolommaafi tokkummaa waanta'eef miidhagnee baanee miidhagnee gammannee galuu qabna ergaa jedhus dabarsaniiru.

“Masqalliifi Irreechi ayyaanota duudhaa walfakkaatoo ...

Dhaabbileen Qo'annoofi Qorannoo Oromoo dhaabbilee barnootaa keessatti akka babal'atan ta'eera.

Inistiitiyuutiin Qo'annoofi Qorannoo Oromoofi Komiishiniin Turizimii Oromiyaa Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa jalatti of danda'ee akka hundaa'u ta'eera. Isaan kunneen mootummaan naannichaa aadaafi duudhaa Oromoo ganamaatti deebi'uuf sochii cimaa taasisaa jiraachuu agarsiisu.

Haaromsa Sirna Gadaa taasifameen ammoo wiirtuuleen Gadaa Oromoo baay'eensaani haawwaa jiru. Iddoowwan Irreechaas babal'ataniiru. Fakkeenyaaf bara 1980 malkaawwan sadiirratti, bara 1999 malkaawwan 15 irratti, bara 2014 ammoo malkaawwan 46 irratti kan irreeffataman yoo ta'u, bara 2015 ammoo malkaawwan 63 irratti irreeffatamaniiru. Keessumaa jijjiiramaa as wantoonni gaggaarii hedduun raawwatamaa jiru.

Hojiileen gama hundaa'aadaa, duudhaafi eenyummaa Oromoo ganamaatti deebi'uufi guddisuuf taasifamaa jiran caalaatti milkeessuuf rakkoon nageenyaa iddoowwan gara garaatti mudatanii jiran mariifi marabbaan furamuu qabu.

Rakkoo nageenyaa kanaaf sababni guddaan dhaabbilee siyaasaati. Sirni Gadaa Oromoo dhaabbilee siyaasaatii ol waan ta'eef dhaabbilee siyaasaa walitti qabee araarsuu hindandeenye. Utuma sirni Gadaafi duudhaaleensaa jiranii dhiigni namaa dhangala'aafi namni walajjeesuun ture. Wantoonni dhaga'uufi arguuf namatti hintolle hedduunis raawwatamaniiru.

Kun haaressi Gadaa hundaa'uu malee humna kan hingodhanneefi Abbootiin Gadaa beekamtii argatan hawaasa keessa oolanii hojii isaanirraa cegamu bahachaa kan hinjirre ta'uu agarsiisa. Abbootiin Gadaa waadaa yeroo filataman galan sirriitti bahachuu qabu. Gadaa jabeessuun, dhaloota ijaaruun, bakka Sirna Gadaa, haqaa, amantii, walhabbi hiikuu laafeefi bade jirutti deebisanii jabeessuun gahee Abbootii Gadaati.

Abbootiin Gadaa magaalota keessa utuu hintaane gad bu'anii hawaasa keessa jiraachuu qabu. Abbootiin Gadaa bajata mootummaarratti utuu hintaane ummatarratti hirkachuu qabu. Gumaachi Abbootii Gadaa ummata. Ummanni loowwan, lafaafi midhaan kenneefi Abbootii Gadaa tumsa.

Aadaan kun ammayyuu Booranaafi Gujiitti hojiirra oolaa jira. Gumaanni Abbootii Gadaa ummata ta'uu baannaan Sirni Gadaa jabaachaa hindeemu. Abbootiin Gadaa hojiilee isaanirra eegaman sirnaan bahachuu hindanda'an waan ta'eef dhimma kana kallattii qabsiisuun barbaachisaadha.

Aadaan Oromoo ammayyuu kallattii ummanni barbaaduun deemu dhabuun hanqina mul'achaa jiruudha. Industiriwwan aadaa faffaca'anii jiran deebi'anii ijaaramanii gara misoomaafi dinagdee biyyaatti fiduunis dhimma xiyyeeffannaan irratti hojjetamuu qabuudha. Giddugalawwan Aadaa ijaaramuuf karoofamanis dafanii gara ijaarsaatti seenuu qabu.

Bariisaa: Dhaloonni ammaa aadaafi duudhaasaa akka ceggatuuf maaltu ta'uu qaba?

Antirpolojisti Olaanaa: Dhaloonni ammaa caalaatti hojii jaalachu, Uumaa sodaachuu,

“Aadaafi duudhaa keenya ganamaatiin buluu dhabuun balbala Oromummaa cabsee ayyaana nurraa kaaseera

maanguddootaafi hangafootasaa kabajuu, gochoota hammeenyarraa fagaachuu qaba. Yeroo ammaa waan hamaa hojjetee, nama miidhee ykn ajjeesee kan gammadutu jira. Dhaloonni kun of ilaalee Sirna Gadaa, beekumsaafi eenyummaasaa ganamaatti deebi'uun irraa cegama.

Ta'uu baannaan bakkawwan lamatti qoodama. Inni aadaasaa qabatee jabeeffate ni darba; kan dagate ammoo eenyummaasaa dhabaa deema. Kun akka hintaaneef aadaafi duudhaa keenya ganamaatti deebi'uun furmaata.

Ammayyumaafi teknolojiinis aadaa, duudhaafi eenyummaa keenya nurkaa gatu hinqaban. Dhaloonni kun gaarummaafi qajeelummaa abbootiirraa dhaale egeee dhaloota ittaanutti dabarsuu qaba. Hojiin dhaloota kana aadaa, duudhaafi safuu Oromoo ganamaa barsiisuu dhaabbilee barnootaa keessattis cimee ittifufuu qaba. Kitaabni Safuu dhiyeenya kana eebbifamee barattooni akka irraa barataniif dhiyaate kanaaf fakkeenya gaarii ta'a.

Namni tokko amantii Islaamaa, Kiristaanaa ykn Waaqqeffataa keessaa tokko hordofa. Dhaabbileen amantii hunduu waan gaarii barsiisu. Dhaabbileen amantii kunneen dhaloota qajeelchuurratti xiyyeeffatanii hojjechuu qabu.

Biirron Aadaafi Turizimii Oromiyaa dhaloonni kun barmaatilee hamaarraa goree dhaloota qajeelaa akka ta'uuf hojiilee guguddoo raawwachaa jira. Namni ani Oromoodha jedhu waa'ee aadaa, duudhaafi safuu Oromoo beekce calaqqisiisuu qaba. Waa'een namaaf na'uufi Waaqa sodaachuu dhaloota kana keessatti hundee gad fageeffachuu qaba. Abbootiin Gadaa, haadhooliin Siinqee, Abbootiin Amantii, Maanguddoonniifi Hayyoonni Oromoo dhaloota kana qajeelchuurratti qindoominaan hojjechuu qabu.

Utuu aadaafi duudhaa ganamaa keessaa ba'uu baannee atakaaroon mul'atu hindhufu ture. Lubbuun namaa garmaleetti darbu, rakkoon nageenyaafi qabeenyi barbadaa'uun hinmudatu ture. Rakkoon kun anatu sii beekaafi anatu sicaalaa kan jedhuun nutti dhufe.

Aadaafi duudhaa keenya ganamaatiin buluu dhabuun balbala Oromummaa cabsee ayyaana nurraa kaaseera. Ayyaana nurraa ka'e deebifachuuf aadaafi duudhaa

ganamaatti deebi'uu qabna. Yoo duudhaa ganamaatti deebine nageenyi ni bu'a, dinagdeen keenya ni fooyya'a, rakkoon nageenyaa, siyaasaafi hawaasummaa keenyas ni furama.

Bariisaa: Duudhaalee Ayyaanni Masqalaafi Ayyaanni Irreechaa waliin qaban maalfaadha?

Antirpolojisti Olaanaa: Ayyaanonni Masqalaafi Irreechaa akeektuu barri birraati. Ayyaanonni lamaan ayyaanota abdiifi galateeffannaati. Ayyaanni Goobeefi Shinooyyee ammoo Hagayya 16 irraa cegalee adeemsifama. Ijoolleen dhiiraa walwaamanii Goobee kan taphatan yoo ta'u, shamarran ammoo Shinooyyee taphatu. Goobeefi Shinooyyee hanga Masqalaatti ittifufee taphatama.

Ayyaanni Gubaa ykn Masqalaa ganni darbee birraan bari'uun walqabatee kabajama. Oromoon guca qabsiisee manasaa keessa naanna'ee biyya naga nuu godhi, hamaafi hamtuu nurraa qabi, gooliin ba'i gooltuun ba'i, gaariin haadhufu, ifni haadhufu jedhee kadhata.

Barana bara naga naaf godhi jedhee Waaqasaa galateeffata; kadhatas. Oromoon gubaa kana akka maatiitti manasaa biratti erga ibsee booda hawaasa naannawaa waliin ammoo bakka tokkotti guba. Dargaggooni gubaa kanaan booda mana namootarra naanna'anii ni sirbu, nyaata kennameefis nyaatanii eebbisu.

Ayyaana Irreechaa dura sirna araaraatu jira. Oromoon ayyaana Irreechaa dura malkaa gamanaafi gamasiirraa walitti dhufee sirna hulluuqqoo geggeessa. Hulluuqqoon sirna bacaqii gannaa keessaa gara booqaa birraatti ce'uu agarsiisuuf raawwatamuudha. Hulluuqqoon muka jiidhaa lama dhaabani mataasaa walqabsiisuun gidduu hulluuqama.

Sirna hulluuqqoo kanarratti namoonni wallolan yoo jiraatan utuu hin hulluuqin dura rakoo qalanii walitti araaramu. Oromoon ijoolleefi horiisaa qabatee hulluuqqoo kana keessa darbuun malkaa malkaasaatti irreeffata. Ayyaanni Irreechaa guddaan Oromoo Malkaa tokkorratti walitti fidu sirna hulluuqqoo booda adeemsifama.

Ayyaanonni Gubaas ta'e Irreechaa duudhaa araaraa, gamtoominaa, tokkummaafi galateeffanna of keessaa qabu. Ayyaanota lamaanirratti utuu hinhirmaatin dura namoonni wallolan yoo jiraatan dursanii walitti araaramu. Oromoon ayyaanota lamaan bakka tokkotti walitti dhufee waan kabajuuf hariiroofi tokkummaa Oromoo cimsuu keessatti gahee olaanaa qabu. Ayyaanota guguddoo Oromoon Waaqasaa ittigalateeffatuufi kadhatu keessaa Ayyaanni Gubaafi Irreechaa adda durummaan eeramu.

Ayyaanni Hora Finfinnee torban har'aa Magaalaa Finfinneetti, Irreechi Hora Harsadii ammoo torban borii Magaalaa Bishooftuutti kabajama. Ayyaanota kunneen milkaa'ina guddaadhaan keessa darbuuf koreewwan adda addaa hundaa'anii qophii barbaachisu hunda taasisaniiru. Koreewwan dhimma nageenyaa, aadaa, miidiyaa, fooramii, agarsiisaafi baazaarii irratti hundaa'an hunduu dursanii karoora baafatanii irratti hojjechaa kan turan yoo ta'u, hojiinsaaniis yeroo yeroon qoratamaa jira.

Ayyaana baranaa kanarratti baay'inni ummataa caalaatti akka dabaluu gochuun barbaachisaadha. Ayyaanni Irreecha Hora

Finfinnee akkuma bara 2012tti akka kabajamuuf qophiileen barbaachisan xumuramaniiru. Irreechi ayyaana ummata Oromoo qofa utuu hintaane saboonniifi sablammoonni biyyattii biroon Oromoo waliin kabajan ta'eera. Irreechi ayyaana naga waan ta'eef dhimmi nageenya ayyaanichaa koree nageenyaafi qaamolee nageenyaatiin hordofama.

Irreechi iddoo hoodaa, safuufi ulfoo waan ta'eef hunduu duudhaa ayyaanichaa sirriitti eegee irratti hirmaachuu qaba. Namni masgiida ykn bataskaana dhaqu tokko wallolaafi walarrabsaa hindhaqu. Namni gara irreechaa dhufu yaada hamaa fudhatee dhufuu hinqabu.

Araariifi nageenyi duudhaa ayyaanichaa waan ta'eef namni wallole utuu gara Irreechaa hindhufin dura walitti araaramuu qaba. Maanguddoonni, haawwaniifi dargaggooni sirna araaraa kana naannawaasaaniitti raawwachuufi raawwachiisuu qabu. Ayyaanni Irreechaa karaa aadaa, duudhaafi eenyummaa Oromoo guddisuufi beeksisuu danda'uun kabajamuu qaba. Hirmaatonni ayyaanichaas uffannaafi faayawwan aadaatiin miidhaganii hirmaachuu qabu.

Ayyaanni Irreechaa ajandaa siyaasaarraas bilisa ta'uu qaba. Waggaa guutuu dhimma siyaasaarratti dabarsuu dandeenya. Guyyoota lamaan kanneenitti garuu waa'ee siyaasaa dhiifnee nageenya ayyaanichaaf tumsuun guyyicha guyyaa galataafi gammachuu haa goonu.

Nageenya ayyaanichaa dhugoomsuuf dargaggooni gumaacha guddaa irra eegamu bahachuu qabu. Ayyaana Irreechaa 'UNESCO'tti galmeessisuuf barana sadarkaa naannooti qo'annoofi qorannoon kan geggeeffame yoo ta'u, bara dhufu ammoo sadarkaa biyyaatti kan adeemsifamu ta'a. Kanaafis bu'aawwan ayyaanichi gama siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaatiin qabu waan ilaalamuuf Oromoon hundi nageenya ayyaanichaa tiksuu qaba.

Waggoota muraasa dura namni uffannaa aadaa Oromoo uffatee deemu akka addaatti ilaalamaa ture. Yeroo ammaa garuu ilaalchi kun jijjiiramee uffannaan aadaa Oromoo karaa maluufin guddachaafi babal'achaa jira. Yeroo ammaa ummanni Oromoo uffannaafi faayawwan aadaasatiin miidhagee mul'ata.

Dizaayinii uffannaa aadaa Oromoorrattis jijjiiramni guddaan mul'achaa jira. Uffanni aadaa Oromoo utuu dizaayiniisaa ganamaa gad hindhiisin haala bakkaafi sagantaa kamittuu uffatamuu danda'uun dhiyaateera. Uffatichi dinagdee guddaa sochoosaa waan jiruufis caalaatti irratti hojjechuun barbaachisaadha.

Uffannaan aadaa kun keessumaa waggoota shanan as haala ajaa'ibaatiin uffatamaafi hojjetamaa jira. Irreechi waltajjii aadaa, duudhaafi uffannaan addunyaatti agarsiifamu waan ta'eef kan duriirra mul'achuu qaba.

Oromoon akkuma siyaasarratti dammaqe dhimmoota dinagdeefi hawaasummaarrattis irra deebi'uu qaba. Dargaggoota gara dinagdee biyyaa keessatti galchuun dhimma xiyyeeffanna guddaa barbaaduudha. Waltumsinee aadaafi dudhaa keenya guddisuu, misoomsuufi babal'isuu qabna. Yoo Gamtaan hojjenne bakka yaadnu ni geenya.

ODUU



Pirofesar Masifin Araayaa

Aadaa rakkoolee karaa marii furachuu cimsachuu qabna

Aadaa rakkoolee karaa marii furachuu cimsachuun nageenya waaraa biyyatiitti fiduuf hunduu qindoominaan waliin hojjechuun barbaachisa ta'uu Komishiiniin Marii Biyyalessaa hubachiise.

Naannoo Gambeellaatti adeemsi bakka bu'oota ajandaa filachuurratti hirmaatan adda baasuu har'as ittifuera.

Komishinari olaanaa Komishiinii Marii Biyyalessaa Pirofesar Masifin Araayaa akka himanitti, rakkoolee biyyatti mudachaa jiran furuuf hunduu gahee isaa bahachuu qaba jedhaniiru.

Kanaaf immoo hunduu aadaa rakkoolee karaa marii furuu gabbifachuun nageenyi waaraan biyyatti keessa akka jiraatu gahee isaa bahuu qaba jedhaniiru.

Rakkoolee akka biyyaatti mudachaa jiran uummanni sirritti baasuuniifi ofiifis qaama furmaataa akka ta'u Komishiinichi haala mijeessaa jiraachuu beeksaniiru.

Yeroo ammaa komishiinichi qaamolee deeggartoota waliin ta'uun naannawaa biyyatti adda addaatti bakka bu'oota ajandaa adda baasuurratti hirmaatan filachiisu hojjechaa jira jedhaniiru.

Naannoo Gambeellaatti kaleessarra jalqabee bakka bu'oota ajandaa adda baasuurratti hirmaatan filachuus qaama kanaati jedhaniiru.

Komishiinichi har'a godina Nuweeritti kan argamana aanaalee shan keessaa bakka bu'oota ajandaa adda baasuurratti hirmaatan 180 filachiisa jira.

Daandiin qilleensaa Aljeeriyaa Yeroo jalqabaaf kallattiin Aljeersirraa Finfinneetti balal'ie

Daandiin qilleensaa Aljeeriyaa Yeroo jalqabaaf Kallattiin Aljeersirraa Finfinneetti balal'ieera.

Gareen jila hooggantoota mootummaa olaano ministira geejjibaa Aljeeriyaa Yooseef Chaarofiin durfamu Finfinnee dhufeera.

Gareen jilaa kun buufata Xiyyaaraa idiladdunyaa Boolee watita gahu daaroktooret jeneraaliin dhimmoota Afrikaa ambaasaaddar Fissahaa Shaawul, hojii raawwachiisaan olaanaa daandii qilleensaa Itiyoophiyaa Masfin Xaasoo, Itiyoophiyaatti ambaasaaddarri Aljeeriyaa Mohaammad Laamnee Laabaas dabalatee hooggantoonni mootummaa biroon simataniiru.

Itoophiyaafi Aljeeriyaa akka lakkoofsa Awurooppaatti bara 1985 waliigaltee tajaajila daandii qilleensaa walii mallatteessanis waggoota dheeraaf hojjiira hin'oolle.

Haala Kanaan daandiin qilleensaa kallattii akka jiraatu waliigalteewwan Kanaan dura mallatteeffaman haala yeroo xiyyeeffannaa



keessa galchuun haaromfamee hojii akka jalqabu hojjetamaa tureera.

Walitti hidhamiinsa geejjibaafi Aviyeeshinii Itiyoophiyaafi Aljersi jidduutti cimsuuf dhihoo kana biyyoota lamaan jidduutti waliigalamuun niyaadatama.

Daandiin qilleensaa har'a jalqabame

waliigaltichi hojiirra ooluusaa agarsiisa jedhameera.

Hariiroon Itoophiyaafi Aljeeriyaa kan hundeeffame akka lakkoofsa Awurooppaatti bara 1960 keessa yemmuu ta'u, Aljeeriyaa akka lakkoofsa Awurooppaatti bara 1976 ture Finfinneetti embaasii kan banatte.



Mariin nageenyaa ummata hirmaachise magaalaa Bahaardaritti taa'ame

Finfinnee: Mariin nageenyaa ummata hirmaachise magaalaa Bahaardaritti taa'amaa jira.

Mariin kun mataduree "nageenya gama hundaa egeree buusuuf tumsa qaama hundaa gaafata" jedhuun taa'amaa jira.

Walitti qabaan komaand poostii Bahaardariifi naannawashee Meejer Jeneraal Mulu'alem Admaasuu, hooggantoonni bulchiinsa magaalaa Bahaardaar, abbootiin amantaa, jaarsoliin biyyaafi kutaaleen hawaasaa biroon waltajjicharratti hirmaachaa jiru.

Gorsaan quunnamtii ummataa bulchiinsa magaalaa Bahaardaar obbo Gizeew Taakkalee barreeffama dhiheessaniin, rakkoo nageenyaa tureen namaafi meeshaarratti gahuusaa ibsaniiru.



Rakkooleen kunneen karaa nagaa egereef kan furamanidha kan jedhan obbo Gizeew, akkaataa kallattii mootummaan kaa'een akka hiikaman ummata waliin hojjetamaa

akka jiru dubbataniiru. Nageenyaafi misooma egeree mirkaneessuuf hirmaannaa ummataa cimsuun kaayyoo marii kanaa ta'uusaa beeksaniiru. TOI

Ayyaana Masqalaa: ...

Oromooti. Nyaatawwan aadaa ayyaana Masqalaarratti dhiyaatan keessaa tokko kochee kana. Ayyaanaan alattis saboota ollaa wajjin ta'ee Oromoo walwaliisaatiin akka balbala tokkootti jaalalaafi tokkummaadhaan kan jiraatuudha.

Gama ayyaana Mawuliidaatiinis garaa garummaan keenya miidhagina keenya jenna nuti. Godina keenyatti dura bu'aan amantii Islaamaa Abbaa Gadaati. Nuti kana akka gaariitti ilaalla. Ummanni keenya sabboontummaa sabummaafi amantii adda baafatee beekeera. Oromoo taanee Musliima ykn Kiristaana ta'uun cubbuu akka hintaane sadarkaa kanarra qaqqabneerra.

Ayyaana Mawulidaafi Masqalaa ilaalchisuun dura bu'oota amantilee wajjin bakkuma tokkotti mari'anneerra. Bu'uuri waa hundaa nageenya waan ta'eef isarratti wajjumaan hojjechuuf waliigalleerra. Ummata jaalalaafi hariiroo cimaa qabu waan qabuufis isa qabannee deemaa jirra.

Qajeelcha Aadaafi Turizimii Godina Guraageetti dursaan garee afaaniifi aartii Obbo Baahiluu Liilaagaas gamasaaniin ibsa Gaazexaa Bariisaaiif kennaniin akka jedhanitti, Masqalli Guraageef ayyaana ayyaanaotaati.

Gama hawaasummaasaatiin namoota adda addaa fagaatanii turan kan walitti fidu ykn dhiyeessu, dargaggoonni itti eebbifaman, kan dhala hinqabne akka argatuuf eebbifamuufi dhala itti argatu, waliigalaan ayyaana jaalalli qabatamaan ittiin ibsamuudha. Gama dinagdeetiinis Guraageen akka bu'uura godhatu kan taasise Masqala.

Qophiin ayyaana Masqalaa bara dhufuu akkuma ayyaanni baranaa darbeen eegalama. Kanaafis uqqubiin ni seenama. Uqqubiin kun akaakuuwwan adda addaatiin jira. Kunis kan maallaqaa, aannanii, dhadhaa, daboodhaan hojjechuu fa'iin ibsama. Kanaaf ayyaanichi bu'uura dinagdeetisi. Ayyaanichi haala ittifayyadama maallaqaas kan barsiiseedha.

Gama turizimiiitiinis ayyaana gumaacha olaanaa qabuudha. Ayyaanicharraa garraamummaa, garalaafummaa, walta'iinsaafi tokkummaatu baratama. Kochee ykn kitfoon ollaafis ebeluuf jedhamee qophaa'a. Kanaaf Masqalli Guraageedhaaf waa hunda yoo jedhame dubbii arbeessuu hinta'u.

Sababiinsaas qophiin hundi dursee xumuramee Masqalli guyyaa loonillee bilisa ittita'aniidha. Guyyaa kana akka

gaafa kaanii dirreerratti otoo hintaane Kaloo dursee qophaa'etti gadilakkifamu. Qoraanis dursee waan qophaa'uuf gaafa sana muktis hinmuramu. Gaafa Masqalaa namaafi loon qofa otoo hintaane waan mar'umaan kennamuufiif waraabessillee ni quufa. Kanaaf ayyaanichi Guraageef taatee daran murteessaadha.

Loon qalmaa dhiirotaan akkasumas dhadhaafi warqee (qocoo)faan dubartootaan qophaa'a. Ciminniifi kaamettummaansaaniis ayyaana kanarratti mul'ata. Dhiirri dhiirummaansaa, dubartiinis dubartummaanshii qoramuun ayyaana Masqalaarratti jechuudha. Waanti Masqalaaf hintaane maalumaafuu ni ta'a jedhamee hin yaadamu. Waanti duubatti jedhamus hinjiru. Masqalli Guraageef waa hunda.

Duudhaaleen durii hedduun ammaan tana waan laafan fakkaatanillee kan Masqalaafi kanneen isaan walqabatan garuu jiru. Sirumayyuu daran daraaraafi lalisaa jira yaada jedhun qaba. Jidduu Masqalaatti har'as akkuma durii daandiiwwan imaloota gara qe'eesaaniitti dhufaniin qabamuun sirni kabaja ayyaanichaa duudhaasaa eegee ittifufuusaatiif agarsiisuudha.

Ayyaanicha kabajuuf namoonni alaa dhufanis

jiru. Ayyaanicha kabajuun gaarii ta'ee garuu baasii humnaa oliitiif akka hinsaaxilamneef of eeggannaa gochuunis barbaachisaadha.

Duudhaaleen kanniin dhalootaa dhalootatti akka darbaniif mataduree, "Guraageefi Duudhaa Aadaa" jedhuun lakkoofsa tokkoofi lamaan babarreeffamanii kaa'amaniiru.

Ayyaana kana Musliimnis waluma keessa kan kabajan. Musliimni Kiristaana Kiristaannis Musliima bira deemanii keessummeessuuni kan kabajamu.

Ayyaanni Irreechaas waluma faana kan kabajamu. Ayyaanaota waliin kabajuun akkuma Itoophiyaattuu duudhaa cimaadha. Ayyaanonni Daamaraafi Mawuliidaa barana guyyaa tokko kabajamuun taatee addaati. Ayyaanonni sadanuu walfaana dhufuun kan dinquufi tokkummaa cimsuu keessattis hiika addaa qabuudha.

Rakkoon iddoowwan adda addaatti mul'atus mariidhaan furamuu qaba. Yaadota furmaataas gubbaadhaa gadi buusuu qofa otoo hintaane dakaafis xiyyeeffannaa kennuu barbaachisa. Dhimma nageenyaafi tokkummaatiif xiyyeeffannaa kennanii hojjechuun murteessaadha.

Ayyaana gaarii!

Manni marichaa bakka bu'ummaa ...

fayyadamummaafi hirmaannaa haqa qabeessa ta'e diriirsuu akka ta'ee waltajjillee marii hundarratti Obbo Dammaqaa calaqqisiisuu Dubbi Himaan Ministeera Haajaa Alaa Ambaasaaddar Mallas Alam ibsaniiru.

Barreessaa Olaanaan Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii Antooniyoo Guterees tattaaffii Itoophiyaan hiyyummaa keessaa ba'uuf taasisaa jirtuufi hojii deebisanii dhaabuu dinqisiifachuun deeggarsa barbaachisu akka godhanis waadaa seenaniiru.

Obbo Dammaqaa qondaaltotaafi hoggantoota biyyoota garagaraa, dhaabbilee idiladdunyaafi dhaabbilee gargaarsaa adda adda waliin fedhii misoomaafi ejjennoo biyyattiin dhimmoota addunyaarratti qabdu ifoomsaniiru. Mariiwwan taasifaman kunneenis bu'aaqabeessa ta'uusaaniis

dabalataan himaniiru.

Itoophiyaan manii misoomaashii milkeessuuf ejjennoo cimaa qabaachuu ibsanii, dhageettiifi ejjennoo misoomaa Itoophiyaa cimsuuf yaa'ichi carraa guddaa akka ta'es dubbataniiru. Obbo Dammaqaa gitasaanii Kirooshiyaa waliin marii taasisaniin akka jedhanitti, Itoophiyaan dhimmoota biyyaafi addunyaarratti Kirooshiyaa waliin hojjechuuf ejjennoo cimaa qabdi. Kirooshiyaanis Imbaasiishee Itoophiyaa keessatti banuun hariiroo cimaa Itoophiyaa waliin uumuuf waadaa galteetti.

Naannolee waraanaan miidhaman deebisanii dhaabuu keessatti biyyi Ayerlaand gumaata akka taasiftu gitasaanii Ministira Haajaa Alaa biyyattii Misheel Maartiin waliin marii taasisaniin waamicha kan dhiyeessan Obbo Dammaqaa, dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitti,

Daarektara Olaanaa Misooma Industirii Gaardii Muleeris marii Obbo Dammaqaa waliin taasisaniin, dhaabbatnisaanii misooma pirojektii Itoophiyaa deeggaruuf fedhii akka qabuufi yaa'iin dhaabbatichaa baatii Sadaasaa Finfinneetti akka adeemsifamu ibsaniiru.

Haaluma walfakkaatuun Itoophiyaan hariiroo Imireetii Araba Gamtoomanii waliin qabdu sadarkaa olaanaatti ceesistuufi biyya Kaataar (Qatar) waliin dhimmoota daldalaafi industiriiratti walitti dhufeenyaan haala hojjetamurratti qondaalota biyyoota lameenii waliin marii bal'aa taasisaniiru.

Obbo Dammaqaa rakkoo jijjiirama haala qilleensaa maqsuuf Itoophiyaan biqiltuwwan biliyoona 32 dhaabuusheefi addunyaanis shoorasaa akka ba'atu yaadachiisaniiru.

Duudhaalee ...

dhalootni safuurraa maqeeff ta'uus dubbataniiru.

Barnootni kun faayidaa biyyattiifis ta'ee faayidaa hawwaasummaafi dinagdee guddaa argamsiisuu danda'a jedhanii; gama hawwaasummaatiin, miseensota maatii barnoota kana baratan gidduutti hariiroo gaarii uumuurraa eegalee hanga biyya jaalachuufi tokkummeessuutti fayyaduu akka danda'u ibsaniiru.

Gama dinagdeetiinis carraan egeree biyya kanaa harka ijoollee har'a barachaa jiranitti gala kan jedhan Obbo Jaataniin; ittigaafatamummaa bor isaanitti kennamu bifa naamusa qabuun akka bahaniif har'a safuu barsiisuun dirqama ta'uu himaniiru.

Balaa guddaa biyya kanaa kan ta'ee malaammaltummaas balleessuun kan danda'amu gaafa dhalootni safuu ganamaatti deebi'eedha jechuun ibsaniiru.

Paarkichi 'UNESCO'tti galmaa'uun ...

turistootni biyya alaa 3200fi turistootni biyya keessaammoo kuma 46 ol waliigalatti turistootni kuma 50tti hiiqu godinicha daawwatanirraa qarshiin miliyoona 78 walitti qabamuus dubbataniiru.

Karoorra dinagdee damdaneessa akka Oromiyaattis ta'e, akka godinichaatti karoorfame galmaan gahuuf damee turizimiif xiyyeeffannoon kennamee hojjetamaa jira kan jedhan Aade Roobdaan; hojiin xiyyeeffannoon hojjetamaa jiru ija godhachaa jira jedhaniiru.

Dhaabbata Barnoota, Saayinsiifi Aadaa Mootummoota Gamtoomaniitti galmaa'uun Paarkii Biyyaalessa Gaarreen Baalee bu'aa xiyyeeffannoo seektara turizimiif kenname keessaa isa tokko jedhanii, hambaa

addunyaa ta'ee galmaa'uun paarkichaa gara fuulduraatti guddina turizimii biyyattiif shoora olaanaa taphachuu danda'a jedhaniiru.

Hojii damee turizimiiratti gama mootummaan hojjetamaniin ala haalli teessuma paarkichaa ijaafi qalbii namaa kan hawwatu waan ta'eef hambaa addunyaa ta'ee akka galmaa'u taasisuus himaniiru. Hoosiftoota 20 kan Itoophiyaa keessatti qofa argamaniifi sanyiin sinbirrootaa 100 ol paarkichatti kan argaman ta'uus dubbataniiru.

Hundaa ol haalli teessumasaa paarkicha adda taasisa kan jedhan Aade Roobdaan; paarkichi paarkii uumaan uumaman turizimiidhumaaf tolcheedha jechuunis

ibsaniiru.

Adamoon seeran alaa paarkicha keessatti bineensota bosonaarratti gaggeeffamu hudhaa misooma paarkichaa akka ta'e eeruun; gocha kana hundeerraa maqsuuf waajjirisaanii qooda fudhattoota waliin ta'uun tarkaanfii seeraa fudhachuu cinaatti hojii hubannoo uumuu hojjechaa jiras jedhan.

Haaluma walfakkaatuun yaa'ii 45ffaa Dhaabbata Barnoota, Saayinsiifi Aadaa Mootummoota Gamtoomanii tibbana taa'amerratti haalli teessuma lafa Geediyoo hambaa addunyaa ta'ee galmaa'uun ni yaadatama.

Qajeelcha Aadaafi Turizimii Godina Geediyootti ogeessi Kominikeeshiniifi

Odeeffannoo Obbo Daani'eel Katamaa gamasaaniin akka jedhanitti, haalli teessuma lafa godinasaanii hambaa addunyaa ta'ee galmaa'uunsaa turistootni daawwannaa gara godinichaa akka dhufan gochuun galiin biyyaa akka dabaluu taasisa.

Lafti galmaa'e kuni lafa abbootiin durii beekumsa aadaatti fayyadamuun waggoota 5000f kunuunsaa turaniidhas jedhaniiru.

Aadaan hawaasa Geediyoo, eegumsa naannawaafi kunuunsaa lafaatiif gahee olaanaa kan taphatuudha kan jedhan Obbo Daani'eel akka aadaa hawaasichaatti biqiltuun akkasumaan hinmuramu, akka tasaa namni biqiltuu tokko mure biqiltuu lama bakka buusuuf kan dirqamu ta'uu eeran.

ODUU

Itoophiyaan yaa'ii waliigalaa dhaabbata 78ffaarratti hojii dippilomaasii milkaa'aa hojjechaa jirti

Yaa'ii Waliigalaa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii 78ffaa Niiw Yoorkitti gaggeeffamaa jirurratti Itoophiyaan hojii dippilomaasii milkaa'aa hojjechaa akka jirtu Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitti ertamaan Itoophiyaa Ambaasaaddar Tesfaayee Yilmaa ibsaniiru.

Yaa'iin Waliigalaa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii 78ffaa mata duree "Nagaa, Badhaadhina, Jijjiiramaafi Ittifufiinsa" jedhuun gaggeeffamaa jira.

Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitti ergamaan Itoophiyaa Ambaasaaddar Tasfaayee Yilmaa hirmaannaa Itoophiyaan yaa'ii kanarratti gochaa jirtu ilaalchisuun ibsa kennaniiru.

Ibsa isaanii Itoophiyaan yaa'ii waliigalaa kana cinaatti biyyoota adda addaa waliin marii dhimmoota walooratti xiyyeeffate geggeessiteetti.

IMinistira muummee Ittaanaafi Ministirri Dhimma Alaa obbo Dammaqaa Mokonnin hoggantoota mootummaa olaano biyyoota adda addaa waliin mari'achuu isaanii ibsaniiru.

Dhimmoota tumsa biyyoota waloo, naannoofi qooda fudhatoota hedduu irrattis hoggantoota olaano dhaabbilee idil-addunyaafi kanneen biroo waliin mari'ataniiru.

Haaluma kanaan biyyoonni imala jijjiiramaafi nagaa Itoophiyaan eegalte



kallattii sirrii irra deema akka jiru hubannoo waloo irra gahaniiru jedhaniiru.

Gama biraatiin Itoophiyaan waltajjiwwan marii biyyootaafi dhaabbilee adda addaatiin qophaa'an irrattis hirmaachuun ejjennoo ishee ibsiteetti.

Kanaanis Dhaabbanni Mootummoota Gamtoomanii haaromfamu akka qabu, Afrikaan mana maree nageenyaa keessatti teessoo dhaabbataa akka qabaatuuf sagalee ishee dhageessiteetti jedhaniiru.

Keessattuu, dhugaa Itoophiyaa akka gaariitti ibsuufi ejjennoo isheen Yaa'ii Waliigalaa keessatti qabdu sirritti calaqqisiisuu akka danda'ame hubachiisaniiru.

Mariin dhaabbilee idil-addunyaafi

hooggantoota olaano dhaabbilee adda addaa waliin taasifame bu'aa qabeessa ta'uu ibsaniiru.

Fedhiin dhaabbileen idiladdunyaa deeggarsa maallaqaafi dhaabbileen Itoophiyaa keessatti invasiit gochuuf agarsiisan abdachiisaa ta'uu ibsaniiru.

Itoophiyaan Yaa'ii Waliigalaa irratti haasaa imaammataa kan taajjabbiifi ejjennoo dhimmoota biyyaalessaa, naannoofi idiladdunyaa irratti qabdu kan dhiheesitu ta'uu eeraniiru.

Yaa'iin Waliigalaa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii 78ffaan Niiw Yoorkitti gaggeeffamaa jiru hanga Fulbaana 15/2016tti kan turu ta'a.

Qabeenya dilbii naannichaa ...

3ffaafi, agarsiisni turizimii nigaggeeffama. Baadhaasi turizimii marsaa 3ffaa sirna kenninsa sagaleen fooyyessuun marsariitiin gaggeeffamaa jira jedhaniiru.

Sagantaa kanarratti qaamolee garagaraa biyya keessaafi alaa, qaamolee daawwachiistotaa, daandii xiyyaaraa Itoophiyaa, jila Ruwaandaafi Yugaandaa akkasumas obbollooni Keeniyaarraa ni argamu. Ummatis taatec kana daawwachaa bohaaraa fayyadamaa dinagdee turizimii akka ta'uuuf qophii barbaachisaan taasifameera jedhan.

Badhaasaa turizimiifi bareedduu Oromiyaa (miss tourism) Fulbaana 15, agarsiisa guyyoota sadan guutuu hoteela Iskaayilaayititti akka gaggeeffamu himanii; Waggootan sadan darban keessatti hojii qabeenya dilbii Oromiyaan qabdu misoomsuufi beeksisuu hojjetameen tuuristoota biyya keessaa daawwachiisuun galii qarshiin biliyoona 15 seektaricharraa argamuus ibsaniiru.

"Garaagarummaan aadaafi ...

aadaafi amantaa madda yaaddoo ta'uu baatus siyaasaan masakuu yaaluu namoota siyaasaan yaaddoo ta'uunsaa bubbuleera. Inumaayyuu kabajni ayyaanota aadaafi amantaan walqabatani darbee darbee dhangalaatii dhiigaan dabaalamaa tureera.

Biyya aadaa, amantaafi afaan tokkoon bulaa turte keessatti sirna aaddaneessa diriirsuun matumtisaa hojii rakkoo malee halkan tokkotti milkaa'u ta'uu baatus, garuu ammoo qaamota muraasarraa kan hafe sadarkaa ummataatti walhubannaafi walkabajni jiru daran jajjabeessaa ta'uu himanii, haaluma kanaan kabajni ayyaanota aadaas ta'e amantaa sadarkaa yaaddoorraa

bilisa ta'uutti jijjiiramni qabatamaan jiraachuu ibsaniiru.

Yeroo garaagaraatti kabaja ayyaanota garaagaraarratti rakkoon mudachaa kan tureef namootni siyaasaa ergaafi gochaa kaayyoo kabaja ayyaanota kunneeniin wal hinsimne calaqqisiisaa turuurraa madduu yaadachiisanii, yeroo dhiyoo as garuu ayyaanotni kunneen karaa nagaan kabajamaa jiraachuun jijjiirama tokko ta'ee hawaasni qaamaafi qalbiin caalaatti akka walitti dhufu taasisaa jiraachuu dubbataniiru.

Akka isaan jedhanitti, Itoophiyaatti

garaagarummaan aadaafi amantaa akkuma jirutti ta'ee garaagarummaan osoo hindaangeffamin namuu ofitti fudhatee waliin nyaachuu, waliin dhuguufi waliin kabajuun cimaa jira.

Biyyootni akka Hindii kan afaan, amantaafi aadaa garaagaraa qaban garaagarumma kana akka carraatti fayyadamuun industirii fiilmiin qabeenya biliyoonaan addunyaarraa guurrachaa jiraachuu eeranii, Itoophiyaattis aadaa garaagaraa jiran ifatti baasuun cinatti imaammata industirii fiilmii baasuun hojiitti hiikuuf caasaan diriiree sochiin taasifamaa jiras jedhaniiru.

ItoophiyaanbiyyaSabootaa,Sablammootaafi Ummattoota lakkoofsa baraa (Dhahaa) ofii qaban ta'uu dubbatanii, gama kanaan sabni Oromoo dhahaa mataasaa qabaatus guyyaa jijjiirama bara haaraa mataasaa akka Sidaamaan Fiichee Canbalaalaa, Hadiyyaan Yaahodee, Walaayittaan Yooyyoo Gifaataa jedhee kabajutti kabajachuu akka qabus yaadachiisaniiru.

Ministeerichis aadaawwan beekaman daran akka mul'atan gochuun dabalata warra dhokatanii jiranis soqanii ifa baasuurratti xiyyeeffannoon hojjechaa jiraachuus ifoomsaniiru.

Irreechi bifa duudhaasaa eeggateen ...

korniyaa, amantii, ilaalcha siyaasa, umriifi garaagarummaa birootiin osoo hindaanga'in sababa Oromummaasaatiin kan hirmaatudhas jedhan.

Irreechi bara 2016 bifa sadarkaasaa eeggateen dammaqaan akka kabajamuuf biironsaanii qooda fudhatoota garagaraa

waliin keessattuu Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee faana karoora waloo baasee hojjetaa akka jirus ibsaniiru.

Ayyaanichi karaa nagayaa akka kabajamuuf Finfinnee kutaalee magaalaa hunda keessatti mariin jiraattota magaalichaa hirmaachise sadarkaa

sadarkaadhaan taasifamaa jiraachuu, kabajaafi ulfina ayyaanichaa ol kaasuuf sabootaafi sablammootni kuunis kabaja ayyaanichaarratti akka argamaniif qophii bal'aan taasifamaa jiras jedhaniiru.

Ayyaanichi ayyaana namni bahee sirbee gara manasaatti itti deebi'u qofa ta'uu

hinqabu kan jedhan Obbo Birhaanuu; ayyaanichi ayyaana fuulli gaarii biyyattiin qabdu irratti mul'atu, kan jaalalliifi tokkummaan ummata Oromoo itti mul'atuufi waliin jireenyiifi obbolummaan saboota biyyattii irratti calaqqisu ta'uu akka qabus eeraniiru.



BARIISAA



Obbo Hayiluu Baqqalaa

Hanqina bu'aa kubbaa miillaa Itoophiyaa furuuf leenjii saayinsaawaa barbaachisa

Dajanee Bulchaatiin

Finfinnee: Rakkoo hanqina bu'aa kubbaa miillaa Itoophiyaa furuuf malli leenjii saayinsaawaa dargaggoota irraa eegalee hojiirra ooluu akka qabu Gorsaan Teeknikii Biiroo Dargaggootaafi Ispoortii Finfinnee Obbo Hayiluu Baqqalaa ibsan.

Kubbaan miillaa ispoortii Itoophiyaa keessatti daran jaalatamu keessaa tokko ta'uun beekamaadha jedhanii, Itoophiyaan dhaabbata kubbaa miillaa Afrikaa ardittii hogganu hundeesuu keessaatti waan guddaa gumaachus yaadachiisaniiru.

Kubbaan miillaa ispoortii Itoophiyaa keessatti jaarraa tokkoof bu'uura jaalatamaa qabaatus sadarkaa barbaadamuun kan hinguddanne ta'uus eeraniiru.

Sababiin kanaas akkaataan leenjii kubbaa miillaa Itoophiyaa keessatti itti kennamu hanqina qabaachuurraa kan madde ta'uus ibsanii, sirni leenjii mala saayinsii addunyaan irra geesseen hordofamuu akka qabus dubbataniiru.

Akka ibsasaaniitti leenjiin kubbaa miillaa daa'imman umuriinsaanii waggaa jahaarraa eegalee kennamuu qaba. Adeemsi kun qajeelfama 'FIFA' keessa jiraachuufi biyyoota addunyaa hedduu keessattis hojiirra oolaa jiraachuu ibsaniiru. Itoophiyaatti leenjiin kubbaa miillaa dargaggootaa umrii waggaa 13fi 15 irraa akka eegalamus himaniiru.

Kana sirreessuuf tokkoo tokkoon kilaba ispoortii qajeelfama mataasaa qopheessuu akka qabuufi Federeeshiniin Kubbaa Miillaa Itoophiyaa sadarkaalee hundatti sirna leenjijummaa diriirsuu akka qabu ibsaniiru.

Biyyoonni biroos sirna leenjii kubbaa miillaa dargaggootaa kan qaban yoo ta'u, Itoophiyaanis akkasuma qabaachuu akka qabdu ibsaniiru. Leenjiin kubbaa miillaa dargaggootaa Itoophiyaa keessatti bara 1990 irraa eegalee gaggeeffamaa jira.

Umriin leenjii xiqqaan waggaa 13 gadi ta'uun isaa garee umurii gadi aanaa irraa akka hinhojjenne agarsiisa.

Kanaaf qaamoni dhimmichi ilaallatu Ministeerri Aadaafi Ispoortii Federaalaafi Federeeshiniin Kubbaa Miillaa Itoophiyaa rakkoo kanaaf furmaata kaa'uu qabus jedhan.

Gareen Kubbaa Miillaa Luusii qabxii qooddate

Dajanee Bulchaatiin

Tapha xumuraa waancaa Afrikaa irratti tapha jalqabaa gita isaanii Burundii waliin Istaadiyeemii Abbabaa Biqilaatti kan taphatan Luusiin 1 fi 1n xumuramaniiru.

Goolii garee biyyaalessaa dubartoota Itoophiyaaf Radi'eet Asrasaany dursitee kan galchite ta'us, taphattuun garee Burundii Kanyamuneza wal qixxeessuu dandeessee jirti.

Gareen biyyaalessaa lamaan tapha deebii isaanii torbee dhufu Kibxata kan taphatan yoo ta'u, gareen waliigalaan injifate gara marsaa itti aanutti darba.



Waldorgommii Buunyaa Oromiyaa baranaatiin Arsiin Lixaa Shaampiyoonaa ta'e

Waasihun Takileetiin

Finfinnee: Akaakuwwan Ispoortii xiyyeeffannoo hinarganne keessaa Buunyaan isa tokko yoo ta'u, yeroorraa gara yerootti garuu jijjiiramoonni gara garaa galmaa'aa jiru.

Tibbanas Itoophiyaa bakka bu'uun dorgommii Buunyaa biyya Senegaal Daakaaritti gaggeeffameen Buunyessaa Fiqramaariyaam Yaadasaa gitasa waliin hanga marsaa 3ffaatti falmii taasisuun injifatamus qabxii gaarii galmeessisee maqaa biyyasaa waamsisuu danda'eera.

Jalqabbiin gama ispoortii Buunyaan jiru akaakuwwan ispoortii biroottiin walbira qabamee wayita ilaalamu ammallee kanirratti hojjetamuu maluudha.

Buunyaan akaakuu ispoortii xiyyeeffannoo argachuu qabu ta'uurraa kan ka'e akka Oromiyaatti irratti hojjetamaa dorgommiwwan gara garaas gaggeeffamaa jiru.

Tibbanas dorgommii WTFO (World Tekuwaandoo Federeeshinii Oromiyaa) marsaa 4ffaa magaalaa Shaashamaneetti qophaa'ee ture.

Waldorgommii Buunyaa marsaa 4ffaa Oromiyaa Fulbaana 5-10tti giddugala magaalaa Shaashaamaneetti gaggeeffamaa ture kanaanis Godinni Arsii Lixaa



shaampiyoonaa ta'uun dorgommicha olaantummaan xumureera.

Godinichi akaakuwwan eventii kiiloo giraama /ulfaatina/ gara garaan dorgomuun waancaawwan lama dhuunfatee shaampiyoonaa ta'eera.

Magaalaan Shaashamaneen immoo lammaffaa kan bahe yoo ta'u, dameen ispoortii Buunyaa kun fuuldurattis cimee godinaalee Oromiyaa hunda keessatti babal'achuu akka qabu ibsamuu odeeffannoon Biiroo Dargaggoo Ispoortii Oromiyaarraa argame ni eera.

Atileet Qananiisaa Baqqalaan Yunivarsitii Arsiirraa Doktireetii Kabajaasaa fudhate

Finfinnee: Yuunivarsiitiin Arsii sirna eebba barattootaa marsaa 9ffaa dhiyeenya adeemsifamerratti Atileet Qananiisaa Baqqalaaf Doktireetii Kabajaa kennuufin ni yaadatama.

Atileet Qananiisaan yeroo sana waan biyya keessa hinturreef Pirezidaantiin Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaa Gargaartuu Komishinaraa Daraartuu Tulluun bakka bu'ummaan badhaasicha kan fuudhaniif ta'uunis ni yaadatama.

Gootichi Atileet Qananiisaa Baqqalaa Doktireetii Kabajaa Yuunivarsiitii Arsiirraa kennameefi ture Roobii darbe bakka

Pirezidaantiin Yuunivarsiitii Arsii Doktor Dhugumaa Addunyaa, Pirezidaantiin Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaa Gargaartuu Komishinaraa Daraartuu Tulluufi keessummoonni biroon argamanitti Doktireetii Kabajaafi beekamtii kennameef qaamaan dhiyaatee fudhachuusaa ragaa federeeshinicharraa argame ni mul'isa.

Doktarri Kabajaa Atileet Qananiisaa Baqqalaa damee Atileetiksii Itiyoophiyaa bakka bu'uun dorgommiwwan idil addunyaarratti hirmaachuun meedaaliyaawwan Warqee 26'n Itiyoophiyaa maqaa dhoofsisuu atileetii danda'eedha.



Atileet Qananiisaa Baqqalaa